**Dursaa Gareefi Gorsaa:** Alamuu Hayiluu

**To'ataa Qulqullinaa:** Abarraa Kaasaayee

**Qopheessitoota**:

Abbabaa Qannoo

Biqilaa Abaatee

Dajanee Galataa

Damee Abarraa

Fedhasaa Taaddasaa

Misraa Hassan

Tasfaayee Bayyanaa

**Gulaalliifi Seccoo:**

Fiqaaduu Qana'aa

Mohaammad Abdoo

**© Biiroo Barnootaa Oromiyaa 2010/18**

**Kitaaba kana Biiroo Barnootaa Oromiyaatu bara 2010/18 qopheessuun maxxansiise.**

**Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eegamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala maxxansiisuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.**

**ISBN**

## Baafata

Qabiyyee Fuula


Boqonnaa 1 Keessa Deebii Qubeewwanii........4

Boqonnaa 2 Sagalee Gabaabaafi Dheeraa........10

Boqonnaa 3 Sagalee Laafaafi Jabaa........19

Boqonnaa 4 Hudhaa ( ' )........28

Boqonnaa 5 Sagalee Irrabutaa........34

Boqonnaa 6 Magartuu........39

Boqonnaa 7 Maatii Obbo Elemoofi Aadde Toltuu........44

Boqonnaa 8 Leencaafi Waraabessa........48

Boqonnaa 9 Simboo........54

Boqonnaa 10 Qamaleefi Ijoollee........57

Boqonnaa 11 Roobalee........61

Boqonnaa 12 Umrii Joobiraa ........65

Boqonnaa 13 Hiriyoota Lamaan........70

Boqonnaa 14 Karoora Torbanii Lammii........74

Boqonnaa 15. Kuruphee Kuruph........80

Boqonnaa 16 Lukkuufi Culullee........84

Boqonnaa 17 Siinqee........88

Boqonnaa 18 Hibboo........92

Boqonnaa 19 Ji'oota Waggaa........96

Boqonnaa 20 Tokkeen Maali?........101

## BOQONNAA 1 KEESSA DEEBII QUBEEWWANII (Wayitii 10)

**Kaayyoolee:** Barnoota boqonnaa kana keessatti barattoonni:Qubeewwan Afaan Oromoo addaan baafatu;Qubeewwan Afaan Oromoo nitartiibessu;Qubeewwan Afaan Oromoo sirnaan nibocu.

**Hubachiisa:** Boqonnaan kun waan barattoonni kutaa tokkotti baratan keessaa muraasa irra deebi'uun yaadachiisa. Kanaafuu barattootni baay'ee ciccimoo yoo kan nuffan ta'e hojii biroo isaan madaalu (fakkeenyaaf jechootaafi himoota barreessuu) kennuun barbaachisaadha.

### Gilgaala 1 (Wayitii 1)

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni qubee guddaafi xiqqaa (A,a-L,l)tti jiran addaan nibaafatu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattootni qubee guddaa xiqqaatti akka firoomsan gargaaruu.
- Fakkeenya kenname sanarratti qubeen guddaafi xiqqaan akkamiin akka walitti firoome itti agarsiisuu.
- Filaash kaardii qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa walitti makuun barattoonni tokko tokkoon ka'anii akka adda baasanii walitti firoomsan taasisuu
- Barattoonni qubeewwan Afaan Oromoo adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Gilgaala 2 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa**:

Barattoonni qubee guddaafi xiqqaa (M,m-Z,z)tti jiran addaan nibaafatu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattootni qubee guddaa xiqqaatti dhuunfaan akka firoomsan gargaaruu.
- Fakkeenya kenname sanarratti qubeen guddaafi xiqqaan akkamiin akka walitti firoome itti agarsiisuu.
- Filaash kaardii qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa walitti makuun barattoonni tokko tokkoon ka'anii akka adda baasanii walitti firoomsan taasisuu
- Barattoota baay'ee ciccimoo gilgaalli kun itti salphateef hojii isaan gitu kennuu.

- Dhumarratti barattootni waan hojjetan akka walitti agarsiisaniifi wal sirreessan gochuu
- Duubdeebiifi sirreeffama barattootaaf kennuu

**Gilgaala 3 (Wayitii 1)**

**Kaayyoon Gilgaala kanaa:**

Barattoonni qubee dachaa guddaafi xiqqaatti jiran addaan baafachuun walitti nifiroomsu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattootni dhuunfaan qubee guddaa xiqqaatti akka firoomsan gargaaruu.
- Fakkeenya kenname sanarratti qubeen guddaafi xiqqaan akkamiin akka walitti firoome itti agarsiisu.
- Filaash kaardii qubeewwan dacha gurguddaafi xixiqqaa walitti makuun barattoonni tokko tokkoon ka'anii akka adda baasanii walitti firoomsan taasisuu
- Qubeen dachaa mallattoo lamaan bakka bu'uyyuu, qubeema tokko ta'uu barattootaaf odeeffannoo kennuu
- Qubee dachaa tartiibessuuf mallattoo lamaan jiran keessaa isa duraa ilaaluun akka barbaachisu ciicata kennuu
- Dhumarratti waan dhuunfaan hojjetan gareen akka walitti agarsiisan taasisuu.

**Gilgaala 4 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni qubeewwan gurguddaa tartiiba keessaa hafan niguutu.

**Ga'ee Bariisaa**

- Barattoonni ajaja gilgaala kanaa dubbisuun dhuunfaa qubeewwan tartiiba keessaa hafan akka bakka duwwaa irratti guutan jajjabeessuu;
- Filaash kaardii qubeewwan gurguddaa walitti makuun barattoonni tokko tokkoon ka'anii akka tariibaan kaa'an taasisuu
- Barattoonni qubeewwan tartiiba keessaa hafan guutaa jiraachuu keessa deemuun mirkaneeffachuu.
- Dhumarra waan dhuunfaan hojjetan akka gareen mar'ataniifi wal sirreessan taasisuu

**Deebii Gilgaala 4.**

| | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| A | B | C | D | E | F | G | H | I | J | K | L | M |
| N | O | P | Q | R | S | T | U | V | W | X | Y | Z |
| CH | DH | NY | PH | SH | TS | ZY | | | | | | |

**Gilgaala 5 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni qubeewwan xixiqqaa wal keessa makaman nitartiibessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni dhuunfaan qubeewwan wal keessa makaman tartiibaan akka kaa'an qajeelchuu.
- Filaash kaardii qubeewwan xixiqqaa walitti makuun barattoonni tokko tokkoon ka'anii akka tariibaan kaa'an taasisuu
- Barattoonni qubee maraa tartiibaan kaa'uu isaanii hordofuun barattoota qubeewwan adda hinbaafanne yoo jiraatan shaakala dabalataa isaaniif kennuu
- Waan dhuunfaan hojjetan akka gareen mari'ataniifi wal sirreessan jajjabeessuu
- Boodarra sirriitti tartiibessuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 5**

- a b c d e f g h i j k l m n
  o p q r s t u v w x y z
  ch dh ny ph sh ts zy

**Gilgaala 6fi 7 (Wayitii 5)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni qubeewwan sararaa olitti bahan, sararaa gidduutti hafaniifi sararaa gad darban walitti makuun nibocu.

Barattoonni qubeewwan sararaa olitti bahan, sararaa gidduutti hafaniifi sararaa gad darban adda adda baasuun nibocu.

Barattoonni qubeewwan sararaa olitti bahan, sararaa gidduutti hafaniifi sararaa gad darban jechoota keessatti nibocu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Qubeewwan Afaan Oromoo hedduun sarara gidduutti akka hafan, hangi tokko sararaa olitti akka ba'aniifi muraasni ammoo sararaa gaditti bu'uu isaanii ciicata kennuu
- Qubeewwan xixiqqaa sararaa olitti ba'an, sarara gidduutti hafaniifi sararaa gad bu'an kilaasterii (Dosee)fi gabatee gurraacha irratti bocuun barattoonni bifa sanaan akka bocan shaakalsiisuu

- Barattootatti qubeewwan Afaan Oromoo akkamitti akka bocaman kitaaba barataarraa itti agarsiisuu
- Barattoonni qubeewwan sararaa olii, sarara gidduufi sararaa gadii keessatti bocaman ilaaluun akka siirriitti irra deddeebi'anii bocuu danda'an shaakalsiisuu .
- Barattoonni dabtara isaanirratti sararoota yaadaa qopheeffachuun qubeewwan haala barbaadamuun bocuu akka danda'an itti agarsiisuu.
- Qubeewwan bakka barbaachisutti bocuu isaaniis mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 6fi 7**

- Barattoonni qubeewwan sarara gidduu, gubbaafi gaditti barreeffaman maraa akka kitaaba irratti dhiyaateen barreessinaan deebii sirriidha.

**BOQONNAA 2 SAGALEE GABAABAAFI DHEERAA (WAYITII 9)**

**Kaayyoolee**

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban nidubbisu

Jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa addaan nibaasu

Garaagarummaa hiikaa gabaabinniifi dheerinni sagalee fidu ni'ibsu;

Jechoota sagalee gabaabaafi sagalee dheeraa nibarreessu

**Gilgaala 1 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban sagalee ol kaasanii dubbisuun jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa adda baasu.

- Barattoonni jechoota kennaman sagalee olkaasanii dubbisan gabaabinaafi dheerina sagalee akka hubatan taasisuu,
- Barattoonni jijjiirraa hiikaa gabaabinniifi dheerinni sagalee fidu akka hubatan shaakalsiisuu.
- Barattoota jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa dubbisuu shaakalsiisuu
- Filaash kaardii jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa (lafa- laafaa goda- goodaa laga- laagaa) tokko tokkoon fuudhaa akka dubbisan shaakalsiisuu
- Gabaabbachuufi dheerinni sagalee dubbifamaan akka dhufu ciicata kennuu

- Sagaleen gabaabaafidheeraa qubee kamirratti akka mullate gaafachuufi hubannoo barattootaa mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**
**Jechoota armaan gadii sirriitti dubbisuu**

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| lafa | laafaa | goda | goodaa | laga | laagaa |

Jechoota kennaman keessaa sagalee gabaabaa kan qaban lafa, golafi laga dha.

Jechoota kennaman keessaa sagalee dheeraa qaban

laafaa, goodaafi laagaa dha.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban adda baasanii barreessuu.

- Barattoonni jechoota sagalee gabaabaafi sagalee dheeraa qaban dubbisiisuu
- Barattoota Sagaleewwan gabaabaafi dheeraa waamsisuun garagarummaa jechoota kanneenii akka hubatan irradeddeebiin shaakalsiisuu
- Filaash kaardii jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa barattoonni tokko tokkoon fuudhaa akka dubbisiisuu
- Barattoonni jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa walitti makamanii dhiyaatan gabatee keessatti adda baasanii akka barreessan jajjabeessuu.

- Filaash kaardii jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa walitti makuun barattoonni akka adda baasanii barreessan shaakalsiisuu
- Adeemsa dubbisaa keessatti bakka itti sagaleen gabaabbatuufi dheeratu akka hubatan gargaaruu.
- Osoo isaan barreessuu hinjalqabiin fakkeenya kenname hubachiisuu.
- Jechoota kennaman sagalee gabaabaafi dheeraatti adda baasuun gabatee keessatti akka barreessan taasisuu.
- Jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa adda baasuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 2**

| **Jechoota Sagalee gabaabaa** | **Jechoota Sagalee dheeraa** |
|---|---|
| Bona | Boonaa |
| gara | Gaara |
| gala | Gala |
| mala | maala |

**Gilgaala 3 (Wayitii 1)**

**Kaayyoon Gilgaala kanaa:**

Gabaabinniifi dheerinni sagalee hiika akka jijjiiru adda baafatu.

- Sagaleewwan gabaabsuufi dheeressuun hiika akka jijjiiru akka hubatan ciicata kennuu,
- Sagaleen dheeratu ykn gabaabbatu sagalee dubbachiiftuu ta'uu barattoota hubachiisuu,
- Filaash kaardii jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qopheessuun barattoonni filatanii hima keessa akka galchan shaakalsiisuu
- Barattoonni yoo hojjetan keessa deemuun barattoota duubatti hafan jajjabeessuu,
- Barattoonni dhuunfaan jechoota filatanii bakka duwwaa akka guutan jajjabeessuu.
- Jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa dubbisaa akka barreessan taasisuu
- Dhumarrattis, jechoota sagalee dheeraa qabu naannoo isaaniitti beekan afur afur akka barreessan jajjabeessuu.
- Barattoonni waan hojjetan akka waliin mari'ataniifi wal sirreessan taasisuu
- Dhumarratti waan barattoonni hojjetan irratti duubdeebii kennuufi sirreeffama barattootaaf kennuu.

**Deebii Gilgaala 3**

1. **Kan sirrii ta'e filadhu**

1. b
2. a
3. a
4. b
5. b

> Garaagarummaa hiika jechoota walmaddii armaan olii kan fide gabaabbachuufi dheerachuu sagaleeti.
>
> Barattoonni gabaabinaafi dheerina sagalee akka adda baafataniif jechoota waamsisaa barreesisuun gaarii ta'a.

2. Gaaffii 2ffaa deebii walfakkaataa hinqabu. Jechoota sagalee dheeraa qaban afur barreessinaan deebii sirriidha.

Fakkeenya: eelee, aadaa, waadaa, eeboo, diimaafi jechoota kana fakkaatan maqaa dha'uun nidanda'ama.

**Gilgaala 4 (Waayitii 1)**

> **Kaayyoo Gilgaala kanaa:**
>
> Barattoonni jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa ni'agarsiisu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni dhuunfaan jechoota gabatee keessatti kennaman sagalee gabaabaafi dheeraa jalatti mallattoo [✔] kanaan agarsiisisuu
- Filaash kaardii jechoota sagalee gabaabaafi sagalee dheeraa walmakan barattoonni  tokko tokkoon ka'anii akka adda baasan shaakalsiisuu
- Barattoonni jechoota sagalee gabaabaafi sagalee dheeraa addaan baafachuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 4**

| **Jecha** | **sagalee gabaabaa** | **sagalee dheeraa** |
|---|---|---|
| quba | ✔ | |
| beekaa | | ✔ |
| lama | ✔ | |
| booqaa | | ✔ |
| bara | ✔ | |
| aadaa | | ✔ |
| gola | ✔ | |

**Gilgaala 5 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**
Barattoonni jechoota dubbifamaniif qubee sirriin nibarreessu.

Jechoota sagalee gabaabaafi sagalee dheeraa qaban barattootaaf dubbifaman.

| | | |
|---|---|---|
| booqaa | foon | jala |
| moonaa | lola | seera |
| bara | aadaa | mooraa |
| buna | maqaa | qaama |

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa qaban dhaggeeffatanii akka barreessaniif jechoota qajeelcha barsiisaa irratti dhiyaatan barattootaaf dubbisuu,
- Jechoonni Afaan Oromoo akka dubbatamanitti akka barreeffamaniifi jechoota dubbataa barreessuu barattoota shaakalsiisuu,
- Jechoota dubbisamuuf dhaggeeffatanii dhuunfaan sirnaan qubeessuu isaanii mirkaneeffachuu,
- Dhumarra duubdeebii barattootaaf kennuufi sirreeffama kennuu

**Deebii Gilgaala 5**

Jechoota kanneen sirnan qubeessinaan deebii sirriidha.

| | | |
|---|---|---|
| booqaa | foon | jala |
| Oromoo | lola | seera |
| bara | aadaa | mooraa |
| buna | maqaa | qaama |

**Gilgaala 6 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni sagalee dubbachiiftuu Afaan Oromoo shanan addaan nibaafatu.

Dubbachiiftota shanan dubbifamaa adda addaa bira gochuun sagalee adda addaa akka uumtu adda baafatu.

**Ga'ee barsiisaa**

- Ajaja kitaaba barataa irratti kenname akka dubbisan taasisuu,
- Sagalee dubbachiiftuu shanan adda baasuun barattootatti agarsiisuu,
- Filaash kaardii qubeewwan dubbachiiftuufi dubbifamaa dubbachiiftuu waliin hiriirsuun barattoonni akka dubbisaniifi barreessan shaakalsiisuu

- Dubbachiiftuun dubbifamaa cinaa hiriiruun sagalee akka jijjiirtu barattootaaf ciicata kennuu,
- Sagaleeleen akkamiin sirnaan qindaa'anii jecha akka uumuu danda'an dubbisanii bira akka ga'an jajjabeessuu (barsiisaan dursee itti hinhimu).
- Dhumurras, jechoota gabatee sana keessatti barreeffaman sirnaan hubachuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Yaadannoo**

Afaan Oromoo keessatti sagaleeleen dubbachiiftuun shantu jiru. Isaanis a, e, i, o, u yommuu ta'an, kanneen kanarraa hafan (b, d, c, d,-z) marti sagalelee dubbifamaadha.

Jecha tokko keessatti sagaleen gabaabbate kan jedhamu yeroo sagaleen dubbachiiftuun tokko qofti dubbifamaatti aantee dhuftudha. Kan dheeratu immoo yoo sagaleen dubbachiiftuun gosni tokko lama taatee walbiratti barreefamtedha. Sagalee gabaabaafi dheeraan dubbachiiftuu irratti mul'ata jechuudha.

**BOQONNAA 3 SAGALEE LAAFAAFI JABAA ( Wayitii 12)**

**Kaayyoolee: Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:**

Jechoota sagalee laafaafi jabaa adda nibaasu.
Garaagarummaa hiikaa sagalee laafaafi jabaan fidu ni'ibsu.
Jechoota sagalee laafaafi jabaa nibarreessu.

Fakkii ilaalanii maqaa isaa nibarreessu.

**Gilgaala 1 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni dubbisuudhaan jechoota sagalee laafaafi jabaa addaan nibaasu.

**Ga'ee barsiisaa**

- Ajaja kitaaba barataa keessatti kenname akka dubbisan taasisuu.
- Barattoonni jechoota kennaman dubbisuudhaan garaagarummaa laafinniifi jabinni sagalee jijjiirraa hiikaa irratti qabu akka hubatan taasisuu.
- Filaash kaardii jechoota sagalee laafaafi jabaa barattoota tokko tokkoon kaasuun akka dubbisan shaakalsiisuu

- Barattoonni jechoota jabaafi laafaa dubbataa akka barreessan irradeddeebiin shaakalsiisuu
- Sagaleen jabaatuufi laafu sagalee dubbifamaa akka ta'e ciicata kennuu
- Sagaleen jabaa qubee kamirratti akka mullate gaafachuufi hubannoo barattootaa mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

- Jechoota kenname sagalee olfuudhanii dubbisuun jechoota walmaddii jiran keessaa dubbifamaa walfakkaatu kanneen qaban jecha jabaa, kanneen dubbifamaa qeenxee qaban laaafaa akka ta'an yoo sitti agarsiisan sirriidha.

| Jechoota sagalee laafaa qaban | Jechoota sagalee jabaa qaban |
| --- | --- |
| bite | bitte |
| bade | badde |
| gate | gatte |

- Sagaleen laafaafi jabaan qubee kamirratti akka mul'ate gaafachuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Hubachiisa:** Sagalee laafaafi jabaan dubbifamaarratti mul'ata.

Jechoota Afaan Oromoo keessatti jabanni jalqaba jechaafi dhumarratti hindhufu.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

**Kaayyoon Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota sagalee laafaafi jabaa bakka sirrii galchuun hima hir'ate niguutu.

**Ga'ee barsiisaa**

- Ajaja kitaaba barataa keessatti kenname akka dubbisan taasisuu.
- Barattoonni dhuunfaan jechoota kennaman dubbisuun sagalee laafaafi jabaa filachuun akka bakka duwwaa guutan taasisuu.
- Erga dhuunfaan hojjetanii nama lama lama ta'anii hima jalqabame jechoota kennaman keessaa filachuun akka guutan taasisuu.
- Barattoota gidduu deemuun akka hojjechaa jiran ilaaluu, lafa rakkoon jirutti gargaaruu.
- Jabaachuufi laafuun sagalee garagarummaa hiikaa akka fidu barattootatti agarsiisuu
- Hanga dandaa'ametti barattoonni ofii isaaniin akka hojjechuu danda'an taasisuu,
- Dhumarratti, deebii isaan kennan soroorsuun haamilee barattootaa kakaasuudha.

**Deebii Gilgaala 2**

| | |
|---|---|
| 1. b | 4. b |
| 2.a | 5. b |
| 3 a | 6. b |

**Gilgaala 3 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban sirriitti niqubeessu.

**Ga’ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti, ajaja kitaabarratti dhihaate akka  hubatan gochuu.
- Itti aansuun, fakkeenya kenname ilaaluun dhuunfaan akka hojjetan qajeelchuu.
- Jechoota kana barattoonni yoo barreessan sirnaan qubeessuu isaanii hordofuu
- Barattoonni waan dhuunfaan hojjetan gareen akka irratti mari’ataniifi wal sirreessan jajjabeessuu,
- Waan barattoonni hojjetan irratti duubdeebiifi sirreeffama kennuu.

**Deebii gilgaala 3**

1. gatte
2. hatte
3. fixxe
4. bitte
5. kute

**Gilgaala 4 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**
Barattoonni jechoota sagalee laafaafi jabaa adda baasuun nibareessu.

**Ga’e**

- Jechoota sagalee laafaafi jabaa qaban barattoonni dhuunfaan dubbisaafi dubbataa  barreessuu  irradeddeebiin shaakalsiisuu.
- Filaash kaardii jechoota sagalee laafaafi jabaa walitti makuun barattoonni akka adda fo’an taasisuu
- Adeemsa dubbisaa keessa jechoota sagalee laafaafi jabaa addaan qooduun gabatee qophaa’eetti akka naqan  taasisuu.
- Barattoonni waan dhuunfaan hojjetan  gareen akka irratti mar’ataniifi wal sirreesssan jajjabeessuu
- Yeroo isaan barreessan keessa deemuun hordofuufi barattoota jajjabeessuu.
- Dhumarratti, jechi sagalee laafaafi jabaa qabu maal akka ta’e hubachuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 4**

| **Jechoota sagalee laafaa** | **Jechoota sagalee jabaa** |
|---|---|
| balaa | ballaa |
| haaduu | haadduu |
| bitaa | bittaa |
| hatuu | hattuu |
| soda | soddaa |

**Gilgaala 5 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**
Barattoonni jechoota sagalee laafaafi jabaa keessaa filachuun iddoo duwwaa niguutu.

**Ga'ee barsiisaa**

- Jalqabarratti, qajeelfama dubbisiisuun jechoota sagalee gabaabaadi dheeraa keessaa fialchuun akka bakka duwwaa guutan taasisuu
- Barattoonni  dhuunfaan jechoota sagalee laafaafi jabaa keessaa filachuun akka bakka duwwaa guutan jajjabeessuu

- Filaash kaardii jechoota cimdii kennamanii qopheessuun barattoonni tokko tokkoon akka bakka duwwaa guutan taasisuu
- Yeroo isaan gilgaala kana hojjetan gidduu deemuun garaagarummaa jechoota cimdii filannoon dhiyaatanii akka hubatan shaakalsiisuu,
- Barattoonni akka walirra barataniif, waan dhuunfaan hojjetan akka walitti agarsiisaniifi wal sirreessan taasisuu,
- Dhumarratti, sagalee laafaafi jabaa gidduutti garaagarummaan hiikaa mul'achuu hubachuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 5**

a. hattuu

b. soddaa

c. hatuu

d. sodaa

**Gilgaala 6 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa**

Barattoonni fakkii ilaalanii ibsa isaa nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti, gilgaalicha keessatti fakkeenya kenname barattoota hubachiisuu,

- Barattoonni dhuunfaan fakkii ilaaluun maqaa waan sanaa qubee sirriin akka barreessan jajjabeessuu
- Fakkiilee bifa filaash kaardiin qopheessuun barattoonni fakkii ilaalanii ibsa akka barreessan bifa taphaafi miira waldorgommii uumuun shaakalsiisuu
- Kan dhuunfaan barreessan walitti argisiisuun kan hiriyoota isaanii waliin walbira qabanii akka wal sirreessan taasisuu.
- Dhumarratti, duubdeebiifi sirreeffama barattootaaf kennuu.

**Deebii Gilgaala 6**

Deebiin Gilgaala kanaa walfakkaataa ta'uu dhiisuu danda'us, deebiin gilgala kanaa kanneen armaan gadii ta'uu danda'u.

| | |
|---|---|
| lukkuu | qawwee |
| jabbii | muka |
| bofa | mana citaa |

**Gilgaala 7 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni qubeewwan kennamaniin jecha jabaafi laafaa ni' ijaaru.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Qubeewwan gabatee keessaatiin jechoota laafaafi jabaa akka baasan qajeelchuu
- Gabatee jechoota sagalee laafaafi jabaa fayyadamuu
- Jechoota qubeewwan gabatee keessarraa ijaaraman barattootatti agarsiisuun, jechoota biroo akka baasanii barreessan karaa qabsiisuu
- Sana boodas, jechoota baasan laafaafi jabaatti akka qoodanii barreessan qajeelchuu.
- Barattoonni jechoota qubee sirriitti barreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 7**

| Sagalee laafaa | sagalee jabaa |
|---|---|
| faana | fakkii |
| afe | hanna |
| nafa | adda |
| ija | akka |

**Yaadannoo**

Jechootni sagalee jabaa qaban akkuma maqaa isaanii yoo waamnu nijabaatu. Dubbifamaa gosa tokkootu lama ta'ee walitti aanee barraa'a. Jechoonni Afaan Oromoo jalqabatti hinjabaatan. Sagaleen ollaa irrabutaa jirus hinjabaatu.

Jechoonni sagalee laafaa qaban ammoo akkuma maqaa isaanii laafifnee dubbanna. Yoo barreeffamus dubbifamaan tokko qofa.

**Hubachiisa**: Barattoonni adeemsuma baratan keessa bira akka ga'an taasisi malee seera kana dursitee barattotatti hinhimin.

**Hubachiisa:** Maddi dogoggora qubeessuu Afaan Oromoo jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa, laafaafi jabaa adda baafachuu dadhabuudha. Kanaaf barattoonni jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa, laafaafi jabaa sirnaan qubeessuu danda'uu barattootaa sirriitti mirkaneeffachuun barbaachisaadha .

**BOQONNAA 4 HUDHAA ( ' ) (WAYITII 7)**

## Kaayyoolee

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Jechoota sagalee hudhaa adda baafatu.

Jechoota sagalee hudhaa nibarreessu.

Hudhaa bakka hanqatetti niguutu.

Jechaafi fakkii isaa walitti nifiroomsu.

Hudhaan qubeewwan Afaan Oromoo keessaa tokko. Jechoota sagalee hudhaa qaban yoo waamnu akkuma maqaa isaa nama hudhu. Yeroo tokko tokko sagalee hudhaa; dubbifamaa biraan bakka buusuu dandeenya.

Fakkeenyaaf, baayyee – baay'ee

Yeroo tokko tokko ammo waan bakka 'h' bu'es fakkaata.

Fakkeenya rehee --- re'ee

Sagaleen hudhaa mallattoo (') kanaan bakka bu'a.

**Gilgaala 1 (Wayitii 1)**

**Kaayyoon Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota sagalee hudhaa sagalee olkaasuun nidubbisu.

**Gochaa Barsiisaa**

- Ajaja kitaaba barataarratti kenname akka dubbisan taasisuu.
- Mallattoo sagalee hudhaa ( ' ) akka hubatan barattoota gargaaruu.
- Filaash kaardii jechoota sagalee hudhaa qabanii dhiyeessuun barattoota dubbisiisuu
- Itti fayyadama sagalee hudhaa irratti barattootaaf hubannoo kennuu
- Jechoota sagalee hudhaa qaban yoo dubbifnu akka hudhamnu barattoota hubachiisuu.
- Jechoota kennaman dubbisuu danda'uu isaanii mirkaneessuu

**Deebii Gilgaala 1**

- Deebiin gilgaala kanaa jechoota kitaaba barataa irratti dhiyaatan akka dubbifamuu qabanitti dubbisuu dandeenyaan deebii siirriidha.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

**Kaayoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota sagalee hudhaa qaban bakka barbaachisutti mallattoo hudhaa nigalchu.

**Go**

- Fakkeenya gilgaala kana keessatti kenname barattootaaf hojjechuu.
- Mallattoo hudhaa bakka jecha keessa hanqatutti dhuunfaan akka galchan shaakalsiisuu.
- Jechoota sagalee hudhaa qaban mallattoo hudhaa keessaa hambisuun filaash kaardii qopheessuufi barattoonni akka galchan taasisuu

- Barattoonni waan dhuunfaan hojjetan akka gareen mari'ataniifi wal sirreessan taasisuu
- Dhumarra duubdeebiifi sirreema kennuun ofii akka mirkaneeffatan taasisuu.
- Dhumarratti, waan hingalleef yoo jiraate itti agarsiisuu.

**Deebii Gilgaala 2**

| | |
|---|---|
| mari'achuu | mi'a |
| taa'e | sa'a |
| xaa'oo | ga'ee |
| ga'eessa | |

**Gilgaala 3 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechaafi fakkii walitti nifiroomsu.

**Ga'e**

- Jalqaba, ajaja kitaaba barataarra jiru barattoota dubbisiisuu.
- Filaash kaardii jechootaafi fakkii firoomsuu
- Barattoonni jechoota fakkii isaaniitti akka firoomsan qajeelchuu
- Baratoonni waan hojjetamu hinhubatiin yoo jiraatan daree keessa deddeemuun hubachiisuu.
- Jecha fakkii waliin walitti firoomsuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.
- Jechoonni kun marti jechoota sagalee irrabutaa qaban ta'uu barattootti agarsiisuu.

**Deebii gilgaala 3**

1. b
2. a
3. e
4. c
5. d

**Gilgaala 4 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota sagalee hudhaa qaban sirnaan niqubeessuu.

Jechoota sagalee hudhaa qaban kanneen barattootaaf dubbisuun akka sirnaan qubeessan taasisuu

| | |
|---|---|
| mo'aa, | bu'uura, |
| qe'ee | yaa'e, |
| gu'oo | taa'umsa |

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni jechoota dubbifamaniif akka sirnaan qubeessan qajeelfama ifaa ta'e kennuu,
- Osoo jechoota sana dubbisuu hin eegaliin barattoonni marti qophii ta'uu mirkaneeffachuu
- Barattoonni jechoota dubbisamaniif akka dhuunfaan barreessan taasisuu.
- Waan barreessan sanas lama lamaan akka mari'ataniifi wal sirreessan jajjabeessuu.
- Barattoonni jechoota sagalee hudhaa qaban sirriitti barreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.
- Kanneen qubeessuu dogoggoran yoo jiraatan irra deebiin shaakalchiisuu.

**Deebii Gilgaala 4**

Jechoota gilgaala kana keessatti dubbifaman akkanaan barraa'uu mirkaneeffadhu.

| | |
|---|---|
| mo'aa, | bu'uura, |
| qe'ee | yaa'ee, |
| gu'oo | taa'umsa |

**Gilgaala 5 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**


Barattoonni jechoota sagalee hudhaa qaban barbaaduun chaartii kenname keessatti nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Ajaja kenname dubbisiisuun waan hojjechuuf deeman akka hubatan taasisuu.
- Jechoota akka fakkeenyatti chaartii keessaa ba'an barattootatti agarsiisuu
- Jechoota sagalee hudhaa qaban dhuunfaan chaartii keessaatti akka barreessan taasisuu.
- Waan barreessan sanas lama lamaan waliif ilaaluun akka wal sirreessan taasisuu.
- Barattoonni jechoota sagalee hudhaa qaban sirriitti qubeessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.
- Kanneen qubeessuu dogoggoran yoo jiraatan irra deebiin shaakalan taasisuu.

**Deebii Gilgaala 5**

Barattoonni chaartii kana keessatti jechoota sagalee hudhaa qaban kamuu yoo barreessan deebii sirriidha. Fakkeenyaaf isaan armaan gadii ta'uu danda'u.




**Hubachiisa:** Barattoonni jecha sagalee hudhaa qabu kamuu sirnaan yoo barreessan deebii nita'a, garuu qubee sirriin qubeessuu isaa ilaaluu.

**Yaadannoo**

- Afaan Oromoo keessatti sagaleen hudhaa sagaleewwan dubbifamaa Afaan Oromoo keessaa tokko.
- Mallaattoon isaas (') fakkaata.

**BOQONNAA 5  SAGALEE IRRABUTAA (Wayitii 7)**

Kaayyoolee

Barnoota Boqonnaa kanaa keessatti Barattoonni:

Sagalee irra butaa nidubbisu.

Jechoota sagalee irra butaa qaban addaan baafatu.

Jechoota sagalee irrabutaa nibarreessu.

**Yaadannoo**

Afaan Oromoo keessatti sagaleewwan dubbifamaan adda addaa lama jecha tokko keessatti yoo walitti aananii dhufan lamaan keessaa kan duraa irrabutaa jedhama. Fakkeenyaaf, jecha 'ilma' jedhu keessatti sagalee l irrabutaadha.

**Hubachiisa:** Barattootni ofiin hubachuu akka danda'an taasisi malee dursitee itti hinhimin.

**Gilgaala 1 (Wayitii 1)**

**Kaayyoon Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota sagalee irrabutaa qaban nidubbisu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni jechoota sagalee irrabutaa qaban dhuunfaan akka dubbisan jajjabeessuu.
- Filaash kaardii jechoota sagalee irrabutaa qaban dhiyeessuun barattoota dubbisiisuu
- Jechoota dubbisan keessaa sagalee irrabutaa akka agarsiisan fakkeenya kennuun jajjabeessuu
- Barattoonni waan dhuunfaan hojjetan akka gareen mari'ataniifi wal sirreessan qajeelchuu.
- Dhumarratti, jechoota kitaaba barataarratti kenname dubbisuu danda'uufi sagalee irrabutaa agarsiisuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

**Deebii Gilgaala 1 Jechoota kanneen sagalee olkaasanii dubbisuudha.**

| | |
|---|---|
| gaangee | rirma |
| jilba | marga |

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

**Kayyoon Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota keessaa sagalee irrabutaa adda baasuun ni'agarsiisu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Fakkeenya kenname hojjechuun barattootaaf hubannoo akka horatan taasisuu,
- Filaash kaardii jechoota sagalee irrabutaa dhiyeessuun barattoonni akka sagalee irrabutaa agarsiisan taasisuu
- Barattoonni dhuunfaan jechoota sagalee irra butaa jala akka sararan taasisuu,
- Barattoonni waan dhuunfaan hojjetan gareen akka mari'ataniifi wal sirreessan taasisuu,
- Dhumarratti, barattootni qubee sagalee irrabutaa addaan baasuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 2**

| | |
|---|---|
| il̲kaan | han̲tuuta |
| bar̲cuma | dallan̲suu |
| al̲bee | tor̲ba |

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa**

Barattoonni jechoota sagalee irrabutaa qabaniifi hinqabne addaan nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni jechoota sagalee irrabutaa qabaniifi hinqabne akka dhuunfaan adda baasan taasisuu,
- Fakkeenya kenname hojjechuun karaa itti agarsiisuu,
- Filaash kaardii jechoota sagalee irrabutaa qabaniifi hinqabne walmakuun warra irrabuta qaban baasuu bifa taphaafi waldorgommiin shaakalsiisuu
- Barattoonni gilgaala yoo hojjetan keessa deemuun barattoota hordofuufi deggeruu,
- Barattoonni waan dhuunfaan hojjetan akka gareen mari'ataniifi wal sirreessan jajjabeessuufi duubdeebii barattootaaf kennuu,
- Dhumarratti, sagalee irrabutaa addaan baafachuu danda'uu barattootaa mirkaneeffachuun kan hingalleef yoo jiraate dabalataan shaakalchiisuu.

**Deebii Gilgaala 3**

| | | |
|---|---|---|
| sarbaa | harma | morma |
| gurbaa | galma | bulbule |

**Gilgaala 4 (Wayiti 2)**

**Kaayyoo boqonnaa kanaa**

Barattoonni jechoota sagalee irrabutaa gabatee keessaa baasanii nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jechi akka fakkeenyaatti qubeewwan gabatee keessa jiran irraa ijaarameefi akkaataa jechoota gabatee keessaa baasuu barattoota shaakalsiisuu.
- Gabatee qubeewwanii dhiyeessuun jechoota sagalee irrabutaa baasuu shaakalsiisuu
- Sana boodas, barattoonni gareedhaan qubeewwan gabatee keessa jiran walitti fiduun akka barreessan qajeelchuu.
- Barattoonni jechoota sana sirriitti barreessuu danda'uu mirkaneeffachuun yoo barbaachise deggarsa dabalataa kennuu.

| | | |
|---|---|---|
| mirga | morma | margu |
| olqa | ilka | irga |
| arba | abjuu | |

**Yaadannoo**

Barsiisa/tu, boqonnaa 6tti osoo hindarbin dura wantoota boqonnaa lamaa(2) kaasanii hanga boqonnaa shanii(5)tti baratan hubachuu isaanii tooftaa mataa keetiin mirkaneeffadhu. Sababni isaa, barattoonni sadarkaa kanatti jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa, laafaafijabaa, irrabutaafi hudhaa sirriitti barreessuufi dubbisuu danda'u jedhamee eegama. Barsiisaan barattoonni barreessuufi dubbisuu irratti rakkoo qaban yoo jiraatan hojiifi shaakala dabalataa barattoota isaaf kenna malee callisee bira hindarbu. Kutaa kanatti barataan sagalee laafaafi dheeraa, laafaafi jabaa, hudhaafi irrabuta sirnaan qubeessuun kaayyoofi xiyyeeffannoo barnoota kanaa isaan angafaati.

## BOQONNAA 6 MAGARTUU (Wayitii 8)

**Kaayyolee:**

Boqonnaa kana keessatti barattoonni:

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nihimu

Jechoota walmakan nitartiibessuun hima ijaaru.

Odeeffannoo kennameen hima nigoolabu.

### Gilgaala 1 (Wayitii 3)

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo murta'aafi ergaa waliigalaa dubbisa keessaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dubbisa waa'e Magartuu barattootni dhuunfaan akka dubbisan qajeelfama kennu
- Barattoonni kun dubbisaaf reefu eegaltoota waan ta'aniif jecha tokko tokkoon dubbisuu danda'u. kanaaf jajjabeessuufi gargaarsakee baay'ee barbaadu.
- Barruulee deggersa dubbisuu kitaaba 9ffaa (Book 9) dubbisiisuu
- Wayitii tokko guutuu dubbisuu danda'u.
- Manattis dubbisuma kana akka irradeddeebi'anii dubbisanii dhufan bifa hoj-maneen  kennuu.

- Wayitii  itti aanutti dubbisa shaakalaa turan dubbisiisuun gaaffilee dubbisicha keessaa ba'an akka dabtara isaanii irratti barreessuun akka dhuunfaan deebii isaa kennan jajjabeessuu.
- Gaaffilee kennaman erga hojjetanii booda gareen walitti fiduun akka irratti mari'ataniifi wal sirreessan taasisuu.
- Dhumarratti, sirriitti hojjechuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. b
2. Odaatti
3. b
4. Barattoonni  dubbisa waa'e Magartuu keessaa waan itti tole kamuu yoo ibsan deebii nita'a. Fakkeenyaaf, qulqullina eeggachuu ishe ta'uu danda'u. As keessatti akkuma yaada dhuunfaatti waan deebisaniif, deebiin murta'aan hinjiru.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

> **Kaayyoo Gilgaala kanaa**
>
> Barattoonni odeeffannoo kennameen himoota guutanii nibarreessu.

- Barattoonni jechoota himoota tokkoo walkeessa makaman qiindeessanii akka hima guutuu barreessan qajeelchuu,
- Jechoota kennaman dabtara isaanii irratti barreessuun isa sirrii dhuunfaan akka barreessan fakkeenya kennuun jajjabeessuu,

- Waan dhuunfaan hojjetan gareen akka walitti agarsiisaniifi wal sirreessan taasisuu,
- Dhumarra duubdeebii kennuun kaayyoo gilgaalichaa galmaan ga'uu mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 2**

1. Magartuun kutaa lama baratti.
2. Magartuun qulqullina ishee eeggatti.
3. Magartuun uffata miiccatti.

**Gilgaala 3 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa**

Barattoonni jechoota walkeessa makaman sirreessuun hima ni'ijaaru.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti ajaja akka dubbisan taasisuu.
- Jechoota walmakan qindeesssuun akka hima ijaaran shaakalsiisuu.
- Gaaffilee dabtara isaaniirratti barreessuun dhuunfaan akka hojjetan gochuu.
- Yeroo barattoonni dhuunfaan hojjetan keessa deddeemuun hordofuu.
- Bu'aa hojii dhuunfaa  isaanii lama lamaan akka walitti agarsiisaniifi wal sirreessan taasisuu.
- Dhumarratti, yaada waliigalaa kennuun deebii gilgaalaa barattoota waliin hojjechuu.

**Deebii Gilgaala 3**

Magartuun barattuu kutaa lamaati. Umriin ishee waggaa saddeet. Qulqullina dhuunfaa ishee eeggachuun beekamti. Qaama ishee yeroo yeroon dhiqatti. Kanaafuu, fayya buleettiidha.

**Gilgaala 4 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni fakkii ilaalanii ibsa isaa nibarreessu.

**Ga'ee barsiisaa**

- Jalqabarratti barattoonni ajajaa akka dubbisan qajeelchuu.
- Barattoonni fakkii kenname ilaalanii hima akka barreessan fakkeenya kennuun akkaataa gilgaalichi itti hojjetamu hubannoo kennuu.
- Fakkii kenname akka hubataniif keessa deemuun jajjabeessuu.
- Erga barreessanii xumuranii booda hiriyoota isaanii waliin waljijjiiranii akka yaada waliif kennan taasisuu.
- Duubdeebii kennuun fakkiileef ibsa barreessuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu

**Deebii Gilgaala 3**

1. Intalaa mana qulqulleessitu.
2. Intalaa uffata miiccu.
3. Intalaa rifeensa mataa dhiqattu.

4. Barattuu mana barumsaa deemaa jirtu.

**Hubachiisa**. Barattoonni hima kana kallattiin barreessuu dhiisuu malu. Garuu waan barreessan sirnaan qubeessuu isaanii mirkaneeffadhu. Deebiin sirriin qubee sirriin barreessuudha malee fakkii sirriitti ibsuufi dhiisuu isaanii miti.

**BOQONNAA 7 MAATII OBBO ELEMOOFI AADDE TOLTUU (Wayitii 8)**

**Kaayyooleee:** Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.
Odeeffannoo kennamaniin himoota hir'atan niguutu.

Waa'ee ofii isaaniitiin bakka duwwaa keeyyataa niguutu.

**Gilgaala 1 (Wayitii 4)**

**Kaayyoolee Gilgaala kanaa:**

Barattoonni Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dubbisa waa'e Obbo Elemoofi Aadde Toltuu barattoota dhuunfaan dubbisiisuu
- Barattoonni kun dubbisaaf reefu eegaltoota waan ta'aniif jecha tokko tokkoon dubbisuu danda'u. kanaaf jajjabeessuufi gargaarsakee baay'ee barbaadu.
- Wayitii tokko guutuu dubbisuu danda'u.
- Manattis dubbisuma kana akka irradeddeebi'anii dubbisanii dhufan bifa hojmaneen kennuu.

- Wayitii isa itti aanutti dubbisicha irradeebi’anii dubbisuun gaaffilee dubbisicha keessaa ba’an akka dabtara isaanii irratti barreessaniifi dhuunfaan deebii isaa kennan jajjabeessuu.
- Gaaffilee kennaman erga hojjetanii booda gareen walitti fiduun akka irratti mari’ataniifi wal sirreessan taasisuu.
- Dhumarratti, sirriitti hojjechuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. Maqaa gaafatamte gabatee keessatti guuti.

| Abbaafi Haadha | Ijoollee | Bakka jireenyaa |
|---|---|---|
| 1. Obbo Elemoo<br>2. Aadde Toltuu | 1. Dureettii<br>2. Oliiqaa<br>3. Lattuu | Ganda Caffee |

2. a

3. b.

4. Angafni kan dura dhalate, quxisuu isa booddee dhalate.

5. Gaaffii kanaaf deebii dhaabbataa hinqabu. Barattoonni dubbisa kenname keessaa waan jaallatan kamuu yoo barreessan deebiidha. Fakkeenyaaf, wal jaal’achuu maatii Obbo Elemoofaa… jechuu danda’u.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo kennameen keeyyata keessaa waan hir’ate niguutu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti, qajeelfama kitaaba barataarratti kenname sirritti akka dubbisanii hubatan taasisuu,
- Odeeffannoon gabatee keessatti kennamuu barattootaaf hubannoo kennuu
- Gilgaalicha dabtara isaanii irratti akka barreessan taasisuu
- Keeyyata barreeffame keessatti bakka duwwaa jiru akka dhuunfaan guutan jajjabeessuu.
- Itti aansuun hojii isaanii akka walitti agarsiisan taasisuu.
- Dhumarratti, soroorsuun barattootaaf yaada kennuu.

**Deebii Gilgaala 2.**

Obbo Abdiisaafi Aadde Jifaareen ganda qonnaan bulaa Ejersaa keessa jiraatu. Ijoollee lama qabu. Isaanis Beekaafi Ayyaantuu jedhamu.

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni waa'ee ofii ikeeyyata nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni kun of danda'anii keeyyata barreessuu hingeenye. Kanaaf waan hundaa barreesinee barattoonni maqaa isaanii, maqaa abbaa, maqaa haadhaa, baay'ina obbolaa qabaniifi maqaa isaanii qofa akka barreessan taasisuun keeyyata shaakalsiisuudha.
- Odeeffannoo bifa keeyyataan kenname sana dabtara isaanii irratti barreessuun akka dubbisan qajeelchuu.
- Keeyyata barreeffame keessatti bakka duwwaa jiru dhuunfaan waa'ee ofii isaaniin akka guutan jajjabeessuu.
- Barattoonni waan dhuunfaan hojjetan walitti agarsiisuun akka mar'iataniifi wal sirreessan jajjabeessuu,
- Dhumarratti, odeeffannoon isaan guutan sirrii ta'uufi dhiisuu isaa duubdeebii kennuufi sirnaan qubeessuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 3**

- Barattoonni dhuunfaan maqaa ofiifi kan abbaa isaanii qubee sirriin barreessuu isaanii mirkaneeffachuu. Maqaa haadha isaanii, obbolaa meeqa akka qabaniifi maqaa isaanii barreessinaan deebiin sirriidha jechuudha.

## BOQONNAA 8 LEENCAAFI WARAABESSA (Wayitii 9)

**Kaayyoolee**

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.
Jecha filachuun hima nixumuru.
Himoota walmakan nitartiibessu.
Himoota tartiibessaniin keeyyata ijaaru.

### Gilgaala 1 (Wayitii 4)

Kaayyoolee Gilgaala kanaa:

Barattoonni odeeffannoo murta'aa dubbisa keessaa nibaasu.

### Ga'ee Barsiisaa

- Dubbisa waa'e 'Leencaafi waraabessaa' dhuunfaan barattoota dubbisiisuu,
- Barattoonni kun dubbisaaf reefu eegaltoota waan ta'aniif suuta dubbisuu danda'u. kanaaf jajjabeessuufi gargaarsakee baay'ee barbaadu.
- Gaaffilee dubbisicha keessaa ba'an dabtara isaanii irratti barreessuun akka dhuunfaan deebii isaa kennan jajjabeessuu.
- Gaaffilee kennaman erga hojjetanii booda gareen walitti fiduun akka irratti mari'ataniifi wal sirreessan taasisuu.
- Dhumarratti, sirriitti hojjechuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. a
2. Waraabessaafi leenca
3. waraabessaa
4. b
5. Gaaffiin 5ffaa deebii tokko hinqabu. Barattoonni dubbisa waa'e leencaafi waraabessaa keessaa waan jaallatan kamuu yoo deebisaan sirriidha. Fakkeenyaaf, abshaalummaa qamalee, dhugaan waraabessaa beekamuufi kkf jechuu danda'u.

**Gilgaala 2 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota kennaman keessaa filachuun hima jalqabame nixumuruu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti, barattoonni ajajaafi gaaffilee akka dubbisan qajeelchuu.
- Gilgaala kana keessatti barattootni dhuunfaan jechoota gabatee keessatti kennaman bakka duwwaatti guutanii hima akka xumuran taasisuu.
- Kutaa keessa deemuun hordofuu.
- Erga barattootni barreessanii xumuranii booda hiriyoota isaanii waliin waljijjiiranii akka yaada waliif kennan taasisuu.
- Sana booda, jechi kam bakka kam akka galu barattoota waliin hojjachuu.

**Deebii gilgaala 2**

1. Qamaleen abshaala.
2. Sangaan hindhalu.
3. Saani jabbii dhalti

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

Kaayyoo Gilgaala kana:

Barattoonni jechooota sagalee laafaafi jabaa, irrabutaafi hudhaa addaan baafatu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti, barattoonni ajajaafi gaaffilee akka dubbisan qajeelchuu,
- Barattoonni dhuunfaan jechoota gabatee keessatti kennaman dubbisuun kanneen sagalee laafaa, jabaa, irrabutaafi hudhaa qaban adda baasuu shaakalu,
- Kutaa keessa deemuun barattootatti kallatti hojichaa agarsiisuu,
- Erga dhuunfaan addaan qoodanii gareen akka mari'ataniifi walsirreessan taasisisuu,
- Dhumarratti, duubdeebiifi sirreeffama barattootaaf kennuu.

**Deebii Gilgaalaa 3**

| Jechoota sagalee laafaa qaban | Jechoota sagalee jabaa qaban | Jechoota sagalee irrabuta qaban | Jechoota sagalee hudhaa qaban |
|---|---|---|---|
| 1. dhale<br>2. qamu<br>3. sa'a | 1. guyyaa<br>2. dorrobe<br>3. jabbii | 1. leenca<br>2. turte<br>3. tiksuu | 1. s'a<br>2. ta'uu<br>3. sa'aa |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 4. baqaqe<br>5. turte | 4. ollaa | 4. sangaa | |

**Gilgaala 4**

Kaayyoo

Gilgaala kana keessatti barattoonni jechoota walmakan qindeessuun hima ni'ijaaru.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti ajaja akka dubbisan taasisuu,
- Jechoota walmakan akka tartiibeessanii hima ijaaran shaakalsiisuu,
- Gaaffilee dabtara isaaniirratti barreessuun dhuunfaan akka hojjetan gochuu,
- Yeroo barattoonni dhuunfaan hojjetan keessa deddeemuun hordofuu.
- Bu'aa hojii dhuunfaa isaanii lama lamaan akka walitti agarsiisaniifi wal sirreessan taasisuufi
- Dhumarratti, yaada waliigalaa kennuun deebii gilgaalaa barattoota waliin hojjechuu.

**Deebii Gilgaala 4**

1. Leenci jabbii humnaan fudhate.
2. Saani jabbii dhalte.
3. Waraabessi jaarsummaa waammate.

**Gilgaala 5 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni himoota walmakan qindeessanii keeyyata nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni jalqabarratti barattoonni ajajaafi gaaffilee akka dubbisan qajeelchuu.
- Himoota gilgaala 3 keessatti tartiibessaniin keeyyata tokko dhuunfaan akka ijaaran jajjabeessuu.
- Keeyyata barreessan hiriyoota isaanii waliin akka walitti agarsiisuun wal sirreessan taasisuu
- Duubdeebii kennuun homoota sana bifa keeyyataan barreessuufi sirnaan qubeessuu danda'uu isaanii mirkaneeffadhu.

**Deebii Gilgaala 5**

Leenciifi waraabessi ollaa jiraatu. Waraabessi sa'a dorrobaa qaba. Leenci ammoo sangaa qaba. Guyyaa dabaree leencaa saani dhalte. Leencis humnaan jabbii fudhate. Waraabessi jaarsummaa waammate. Jaarsoliinis leencatti murteessan.

## BOQONNAA 9 SIMBOO (Wayitii 8)

**Kaayyoolee boqonnaa kanaa**

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.
Jechoota kennamaniin himoota hir'atan guutuu.

Odeeffannoo kennameen keeyyata keessaa yaada hanqate guutuu.

### Gilgaala 1 (Wayitii 4)

**Kaayyoo Gilgaala** kanaa:

Barattoonni Odeeffannoo murta'aafi ergaa waliigalaa dubbisa keessaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dubbisa waa'e 'Simboo' barattootni dhuunfaan akka dubbisan qajeelfama kennuu,
- Barattoonni kun dubbisaaf reefu eegaltoota waan ta'aniif jecha tokko tokkoon dubbisuu danda'u. kanaaf jajjabeessuufi gargaarsakee baay'ee barbaadu,
- Wayitii tokko guutuu dubbisuu danda'u,
- Manattis dubbisuma kana akka irradeddeebi'anii dubbisanii dhufan bifa hojmaneen kennuu,

- Wayitii isa itti aanutti dubbisa shaakalaa turan dubbisiisuun gaaffilee dubbisicha keessaa ba'an akka dabtara isaanii irratti barreessuun akka dhuunfaan deebii isaa kennan jajjabeessi,
- Gaaffilee kennaman erga hojjetanii booda gareen walitti fiduun akka irratti mari'ataniifi wal sirreessan taasisuufi
- Dhumarratti, sirriitti hojjechuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. Waan tokkoffaa baateef.
2. lamaa
3. b
4. b
5. Wantoota Simboon raawwattu sadii barreessi.
   a. Barnoota haalaan hordofuu
   b. Waan isheef hingalle gaafachuu
   c. Hojii manaa yeroon hojjechuu

**Gilgaala 2 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota kennamaniin hima jalqbame nixumuruu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti, qajeelfama kitaaba barataarratti kenname sirritti akka dubbisanii hubatan taasisuu.

- Odeeffannoo gabatee keessatti kenname baratootatti himuun hubannoo akka horatan gochuu
- Gilgaalicha dabtara isaanii irratti akka barreessan taasisuu
- Jechoota filachuun bakka duwwaa kenname akka dhuunfaan guutan jajjabeessuu,
- Itti aansuun hojii isaanii akka walitti agarsiisan taasisuu.
- Dhumarratti duubdeebii kennuun kaayyoon gilgaalichaa galma ga'uu isaa mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 2**

1. Simboon badhaasa fudhatte.
2. Hojii manaa yeroon hojjetti.
3. Barnoota hunda sagantaan qo'atti.
4. Simboon sagantaa baafattee qo'atti.

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa**

Barattoonni odeeffannoo kennameen bakka hir'ate niguutu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti, qajeelfama kitaaba barataa keessatti kenname sirritti akka dubbisanii hubatan taasisuu.
- Odeeffannoo gabatee keessatti kenname hubachiisuu.
- Keeyyata barreeffame keessatti bakka duwwaa jiru akka guutan jajjabeessuu.
- Itti aansuun hojii isaanii akka walitti agarsiisan taasisuu.

Dhumarratti, soroorsuun barattootaaf yaada jajjabinaa kennuu.

**Deebii Gilgaala 3**

Boruun barataadha. Barnoota isaa karooraan qayyabata. Wixata Afaan Oromoo, Kibxata ammoo Saayinsii Naannoo qayyabata. Herrega guyyaa Roobii qo'ata. Afaan Ingilizii guyyaa Kamisaa qo'ata. Jimaata ammoo Barnoota Aadaa qayyabata.

Keeyyatni barattoonni barreessan dirqama keeyyata armaan olii ykn tokko kan isaan kaanii fakkaachuu dhiisuu danda'a. Qindaa'inaafi sirnaan qubeessuu isaanii malee jecha hima keessaa hafe ykn itti ida'ame ilaaluu hinfeesisu.

**BOQONNAA 10 QAMALEEFI IJOOLLEE (Wayitii 9)**

**Kaayyoolee**

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.
Jechoota kennamaniin himoota hir'atan niguutu.

Himoota tartiibessuun keeyyata barreessuu

[

**Gilgaala 1 (Wayitii 4)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo murta'aafi ergaa waliigalaa dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dubbisa waa'e 'Qamaleefi ijoollee' dhuunfaan barattoota dubbisiisuu.
- Barattoonni kun wayitii tokko guutuu dubbisuu danda'u.
- Manattis dubbisuma kana akka irradeddeebi'anii dubbisanii dhufan bifa hojmaneen kennuu.
- Wayitii isa itti aanutti dubbisa shaakalaa turan dubbisiisuun gaaffilee dubbisicha keessaa ba'an akka dabtara isaanii irratti barreessuun akka dhuunfaan deebii isaa kennan jajjabeessuu.

- Gaaffilee kennaman erga hojjetanii booda gareen walitti fiduun akka irratti mari'ataniifi wal sirreessan taasisuu.
- Dhumarratti, sirriitti hojjechuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. c.
2. b.
3. Ijoollee gowwoomsitee qixxaa isaanii nyaachuuf.
4. Qamaleen waan qixxaa isaanii nyaatteef
5. Gaaffiin kun deebii walfakkaataa hinqabu. Barattoonni waan barbaadan natti tole jechuu danda'u. xiyyeeffannoon keenya deebicha osoo hintaane dandeettii barreessuufi dubbachuu danda'uu isaaniiti. Deebiin fakkeenyaaf tooftaa qamaleen ijoollee ittiin gowwoomsite jechuu danda'u.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

Kaayyoon Gilgaala kanaa:

Barattoonni himoota guutuu taasisuun nibarreessu.

**Ga**

- Jalqabarratti ajajaafi gaaffilee akka dubbisan taasisuu.
- Jechoonni bakka duwwaatti guutaman gabatee keessa jiraachuu barattoota hubachiisuu
- Jechoota kennameen bakka duwwaa akka guutan fakkeenya kenname hojjechuun itti agarsiisuu.
- Gaaffilee dubbisanii dabtara isaaniirratti barreeffachuun dhuunfaan akka hojjetan taasisuu.
- Yeroo barattoonni dhuunfaan hojjetan barattoota keessa deddeemuun qajeelfamaafi akkaataa itti hojjetamu hubachuu isaanii hordofuu.
- Bu'aa hojii dhuunfaa isaanii akka waliif dhiheessan gochuu.

- Dhumarratti, deebii barattoota hunda waliin hojjechuu.

**Deebii Gilgaala 2**

Obbolaa lamaan qixxaa irratti wal lolan. Qamaleen fuullee dhaabbattee ilaalti. Qamaleen walin qixxeessa jettee qiixxaa ijoollee fixxe. Akkasitti ijoolleen hagabuu oolan.

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni himoota waljala fuudhaman sirreessuun keeyyata jalqbame nixumuru.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti barattoonni ajajaafi gaaffilee akka dubbisan qajeelchudha.
- Barattootni himoota waljala fuudhaman tartiibessuun akka keeyyata barreessan taasisuu.
- Kutaa keessa deemuun barattootatti kalatti hojichaa agarsiisuu.
- Erga barattootni barreessanii fixanii booda hiriyoota isaanii waliin waljijjiiranii akka yaada waliif kennan taasisuu.
- Kaayyookee galma ga'uu mirkaneeffachufi yaada waliigalaa barattootaaf qooduu.

**Deebii Gilgaala 3**

Obbolaan lamatu loon tiksu turan. Osoma tiksanii qiixxaa keetu caalaa irratti wal lolan. Qamaleen ijoollota bira dhuftee maal taatan jette. Isaanis qiixxaa

qooddachuu irratti waldhabuu itti himan. Qamuun qiixxaa natti kennaa isinan araarsa jette. Isaanis akka walqixxeessituuf qiixxaa itti kennatan. Achumaan qamaleen qiixxicha harkaa fuutee cucuffattee lixxe. Akkasitti ijoolleen agabuu oolan.

**BOQONNAA 11 ROOBALEE (Wayitii 8)**

**Kaayyoolee** Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.
Jechoota kennamaniin himoota hir'atan niguutu

Himoota tartiibessuun keeyyata nibarreessuu

Keeyyata jalqabame nixumuru.

**Gilgaala 1 (Wayitii 4)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo murta'aafi ergaa waliigalaa dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dubbisa waa'e 'Roobalee' barattootni dhuunfaan akka dubbisan qajeelfama kennuu.
- Barattoota waa'eRoobalee dubbisiisuu.
- Dubbisa keessaa odeeffannoo murtaa'aafi ergaa waliigalaa dubbisa baasuu shaakalsiisuu.
- Dubbisa sanarratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaatan akka deebisan taasisuu.
- Barattootni hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu.
- Dhumarratti sirreeffama kennuun mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. b.
2. b.
3. Harka qalleeyyii waan ta'aniif barsiisuu dadhaban.
4. Hiyeeyyii ykn qabeenya waan dhabiif
5. Gaaffiin 5ffaa deebii tokko hinqabu. Barattoonni dubbisa waa'e Roobalee keessaa waan jaallatan kamuu yoo deebisaan sirriidha. Fakkeenyaaf, barsiisonni Roobalee gargaaruufi kkf jechuu danda'u.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota wal-keessa makaman tartiibessuun hima ijaaru.

**Gochaa Barsiisaa**

- Jalqabarratti, qajeelfama kitaaba barataarratti kenname sirritti akka dubbisanii hubatan taasisuu.
- Fakkeenya kitaaba barataa irratti kenname gabatee gurraacha irratti barreessuun akka hubatan gochuu.
- Jechoota walkeessaa makamanii akka dhuunfaan tartiibessanii hima ijaaran gochuu.
- Itti aansuun hima barreessan akka walitti agarsiisan taasisuu.

- Dhumarratti, soroorsuun yaada dimshaashaa kennuu.

**Deebii Gilgaala 2.**

1. Maatiin Roobalee harka qalleeyyiidha.
2. Maatiin, Roobalee gargaaruu dadhaban.
3. Barsiisonni qalama bitaniif.
4. Roobaleen barnoota isaa itti fufe.

**Gilgaala 3 (Wayitii 3)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni himoota waljala fuudhaman qindeessuun keeyyata barreessuu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti himoonni faca'an kunniin waa'e gaarummaa obeefi maatii ishee akka ta'e hubachiisuu
- Barattootni dhunuunfaan himoota waljala fuudhaman tartiibessuun akka keeyyata barreessan ajajuu.
- Kutaa keessa deemuun barattoota qajeelfamni hinagalleef akkaataa itti hojjetamu itti agarsiisuu.
- Erga barattootni barreessanii fixanii booda hiriyoota isaanii waliin akka wal miri'ataniifi wal sirreessan taasisuu.
- Sana booda hojii isaaniitti yaada kennuun hamilee isaanii jabeessuu.

**Deebii Gilgaala 3**

Maatiin Obsee sooreyyiidha. Namoota harka qalleeyyii gargaaruun beekamu. Obseenis akkuma isaanii gara laafettiidha. Yeroo hedduu hiriyaa ishee gargaarsa barbaaddu tokkoof qalama bitti. Fulbaanatti immoo maatii ishee dabtara

bichisiiftiif. Kanaafuu obseenis ta'e, maatii ishee namoota ollaa biraatti baay'ee jaallatamu.

## BOQONNAA 12 UMRII JOOBIRAA (Wayitii 9)

### Kaayyoolee

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

- Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.
- Himoota waljala fuudhaman sirreessuun keeyyata jalqbame nixumuru.
- Odeeffannoo kenname bu'uureffachuun keeyyata nibarreessu.
- Fakkii ilaalanii ibsa isaa nibarreessu.

**Gilgaala 1 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo murta'aafi ergaa walii gala dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dubbisa waa'e 'Umrii Joobiraa' barattootni sagalee gad qabatanii akka dubbisan shaakalsiisuu
- Dubbisicha erga dubbisanii gaaffilee achi keessaa ba'an akka hojjetan jajjabeessuu
- Barattoonni yoo dubbisan keessa deddeemuun qajeelfama hubachuufi waan isaan danqe yoo jiraate gargaaruufi jajjabeessuu
- Barattootni hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu.

- Erga dhuunfaan dubbisanii gaaffilee gilgaalichaas hojjetanii gareen akka wal miri'ataniifi wal sirreessan taasisuu
- Dhumarratti, barattoota maraa waliin hojjechuufi sirreeffama barattootaaf kennuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. c.
2. b.
3. Guyyaa 150f kattaatti galuun uuruu, baalleefi qeensa isaa moofaa buqqisee haaraa biqilchuu.
4. Tulluu kattaatti.
5. Gaaffiin 5ffaa deebi wal fakkaataa hinqabu. Barattoonni dubbisa waa'e Joobiraa keessaa waan jaallatan kamuu yoo yoo deebisan sirriidha. Fakkeenyaaf, dandeettii joobiraa, of haaromsuuf dhukkubbiifi rakkoo inni dabarsu, obsa guddaa qabaachuu isaafi kkf jechuu danda'u.

**Gilgaala 2 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni himoota waljala fuudhaman sirreessuun keeyyata jalqbame nixumuruu

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni ajajaafi gaaffilee kennaman akka dubbisan qajeelchuu.
- Barattootni walqabsiiftuu gabatee keessatti kenname bakka duwwaatti guutanii keeyyata akka barreessan taasisuu.

- Barattootni jechoota gabatee keessatti kennamaniin himoota guutuu taasisanii qindeessuun barreesssisuu.
- Kutaa keessa deemuun barattoota kallattiin hojichaa hinagalleef qajeelfama ifaafi akkaataa itti hojjetamu itti agarsiisuu.
- Erga barattootni barreessanii fixanii booda hiriyoota isaanii waliin waljijjjiiranii akka yaada waliif kennan taasisuu.
- Sana booda yaada xumuraa kennuun, jechi kam bakka kam akka galu barattoota waliin ta'uun hojjadhu.

**Deebii Gilgaala 3**

Joobirri allaattiiwwan biroo caalaa umrii dheeraa qaba. <u>Hanga</u> waggaa 70 jiraachuu danda'a. Joobirri naannoo waggaa 40 <u>yommuu</u> ga'u, uuruun isaa nidacha'a. kochoon isaa itti ulfaata. Qeensi isaa akka durii qabuu dida. Kanaaf falli yoo hin'argamin du'uu isaati. Joobiroota <u>biroo irraa</u> adda ba'ee kattaa dhagaatti gala. Achittis, uuruu isaa dheerate <u>osoo</u> dhukkubuu dhagaatti tumuun caccabsa. Adeemsi of haaromsuu joobiraa kun guyyoota 150 <u>isatti</u> fudhata. Erga of <u>haaromsees</u> waggaa dabalataa 30 jiraachuu danda'a.

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo** Gilgaala kanaa:

Barattoonni odeeffannoo kenname bu'ureffachuun keeyyata nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barsiisaa, shaakalli kutaa kana jalatti dhihaate, barattootni odeeffannoo kenname irratti hundaa'anii akka keeyyata barreessan yaadameeti.
- Jalqabarratti barattoonni ajajaafi gaaffilee akka dubbisan qajeelchuu.
- Itti aansuun odeeffannoo gabatee keessatti kenname dubbisanii akka adda baafatan gargaaruu.
- Fakkeenya kitaaba barataarra jiru barattootaaf hojjechuun barattootaaf hubannoo kennuu.
- Keeyyaticha eegaluun kan hafe akka xumuran jajjabeessuu.
- Kutaa keessa deemuun barattootatti kalattiin hojichaa agarsiisuu.
- Erga barattootni keeyyata barreessanii xumuranii booda hiriyoota isaanii waliin akka walitti agarsiisan taasisuu.
- Dhumarras tokko tokkoon ka'anii dareef dubbisiisuu.
- Yeroo dubbisanii xumuran haamilee issanii jajjabeessuu.

**Deebii Gilgaala 3**

Joobirri gosa allaattii keessaa tokko. Allaattiiwwan keessaas umrii dheeraa jiraachuun beekama. Umriin isaa aggaa 40 yoo ga'u, uuruun isaa nidacha'a. kanaafuu kattaatti galuun uuruu isaa dheerateefi koochoo isaa itti ulfaate ofirraa fixuun of haaromsa. Akkanatti of haaromsuufis ji'a shan isatti fudhata. Erga of haaromsees waggaa 30 dabalataan jiraachuu danda'a.

**Gilgaala 4 (Wayitii 2)**

Kaayyoo Gilgaala kanaa:

Barattoonni fakkii ilaalanii ibsa isaanii nibarreessu

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti barattoonni ajaja akka dubbisan taasisuu.
- Barattootni fakkii ilaalanii dhuunfaan ibsa akka barreessan taasisuu.
- Barattoonni yoo hojjetan daree keessa deddeemuun jajjabeessuu.
- Kan dhuunfaan barreessan akka walitti argisiisan taasisuu.
- Dhumarratti, soroorsuufi ibsa fakkiilee gabatee gurraacha irratti barreessuu.

**Deebii Gilgaala 4**

Kan barattoonni barreessuu malan himoota armaan gadii ta'uu danda'a.

1. Joobira uuruun isaa dacha'e.
2. Joobira uuruu isaa dhagaatti rurrukkutu.
3. Joobira kuruphee butee waaqarra balali'u.
4. Joobira dhagaarra jiruufi balali'uuf jedhu.

## BOQONNAA 13  HIRIYOOTA LAMAAN (Wayitii 8)

### Kaayyoolee

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Odeeffannu murta'aa dubbissaa nibaasu.
Himoota waljala fuudhaman sirreessuun keeyyatajalqbame nixumuru.
Odeeffannoo kenname bu'uureffachuun keeyyata nibarreessu.
Fakkii ilaalanii ibsa isaa nibarreessu.

- **Gilgaala 1** (Wayitii 4)

**Kaayyoon Gilgaala kanaa**

Barattoonni odeeffannoo murtaa'aafi ergaa waliigalaa dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dubbisa dhiyaate barattoonni sagalee gad qabatanii dubbisuu shaakalsiisuu
- Barattoota dhuunfaan gaaffilee dubbisicha keessaa ba'an hojjechiisuun odeeffannoo murta'aa baasuu shaakalsiisuu,
- Barattootni hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu,
- Dhumarratti deebii isaanii akka mirkaneeffataniif sirreeffama kennuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. a.
2. galaa
3. muka koruu waan hindandeenyeef
4. Caalaa
5. Gaaffiin 5ffa deebii tokko hinqabu. Barattoonni dubbisa waa'e hiriyoota lamaanii keessaa waan jaallatan kamuu yoo deebisaan sirriidha. Fakkeenyaaf, Tooftaa Boonaan du'aa fakkaatee lafa ciisuun du'a ooluu isaa, waraabessi hiriyaa gantuu waliin hindeemiin jedhee natti haasaase jechuu isaa, Caalaan hiriyaa isaa ganuutti gabbuufi kkf jechuu danda'u.
6. Gaaffii 6ffaa barattoonni Caalaafi Boonaa oosoo ta'nii maal akka godhan irratti barattoonni lamatti qoodamuun akka wal morman jajjabeessi.

**Gilgaala 2 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota sagalee gabaabaa, dheeraafi irrabutaa qaban dubbisa keessaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti barattoonni duubbisa waa'e hiriyoota lamaanii akka dubbisan taasisuu.
- Itti aansuun barattoonni ajaja akka dubbisan qajeelchuu.
- Fakkeenya kitaaba barataa keessatti kenname agarsiisuufi akka fakkeenya kennameetti barattootni jechoota sagalee irrabutaa qaban dubbisa keessaa akka baasan jajjabeessuu.

- Kutaa keessa deemuun barattoota kallatti hojichaa hinagalleef qajeelfama ifaafi akkaataa itti hojjetamu itti agarsiisuu.
- Erga barattootni jechoota sagalee irra butaa qaban dhuunfaan baasanii hiriyoota isaanii waliin waljijjiiranii akka yaada waliif kennan gochuu.
- Sana booda yaada irratti kennuun jechoota sagalee irrabutaa dubbisicha keessa jiran baasuun gabatee gurraacha irratti barreessuudha.

**Deebii Gilgaala 2**

Deebiin gilgaala kanaa deebii baay'ee qaba. Kanaaf jechoota sagalee gabaabaa, dheeraafi irrabutni kamuu dubbisa keessaa yoo baasan deebii nita'a. Deebiin isaanii fakkeenyaafn kanneen ta'uu danda'u.

| | | |
|---|---|---|
| Caalaa | bosona | murteessan |
| Boonaa | tokko | dadhabnaan |
| deemaa | jala | dursee |
| keessaa | lafa | gorse |
| dhiisee | muka | gantuu |

**Gilgaala 3** (Wayitii 2)

Kaayyoo Gilgaala kanaa:

Barattoonni fakkiilee ilaalanii ibsa isaanii nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti barattoonni ajaja akka dubbisan taasisuu.
- Fakkii ilaalanii ibsa akka barreessan qajeelchuu.

- Yeroo isaa barreessan daree keessa deddeemuun jajjabeessuu
- Kan dhuunfaan barreessan lama lamaan akka walitti argisiisan taasisuu.
- Dhumarratti, soroorsuufi ibsa fakkiilee gabatee gurraacha irratti barreessuu.

**Deebii Gilgaala 3**

Deebiin barattoonni barreessan deebii dhiyaate kanaafi walis fakkaachuu dhiisuu mala. Walis fakkaachuu hindanda'u.kanaaf deebiin isaanii kanneen ta'uu mala jennee haa kaanu

1. Namichi toko bosona keessa muka jala ciisaa, waraabessi naicha fuunfachaa jira, Namichi tokko muka gubba irraa taa'ee asii gad waraabessa nama fuunfatu ilaala.
2. Dargaggoonni lama bosona keessa muka guddaa jala taa'anii galaa nyaatu; waraabessi jaratti deemaa jira.

✍ Kanneen malees waan fakkii irratti mul'atu kamuu yoo barreessan sirriidha. Dandeettii barreessuufi sirnaan qubeessuu isaanii qofa ilaaluun gaariidha.

## BOQONNAA 14 KAROORA TORBANII LAMMII (Wayitii 9)

### Kaayyoolee

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.
Jechoota wal makan sirreessuun hima ijaaruu
Odeeffannoo kenname bu'uureffachuun keeyyata nibarreessu.
Keeyyata kenname ilaalanii waa'ee ofii isaanii nibarreessu.

[

**Gilgaala 1 (Wayitii 3)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo murta'aafi ergaa waliigalaa dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dubbisa waa'e 'Karoora Torbanii Lammii' barattootni dhuunfaan akka dubbisan qajeelfama kennuu.
- Barattoonni kun dubbisaaf reefu eegaltoota waan ta'aniif jecha tokko tokkoon dubbisuu danda'u. kanaaf jajjabeessuufi gargaarsa barsiisaa baay'ee barbaadu.

- Barattoonni yoo dubbisan keessa deddeemuun qajeelfama hubachuu dhabaniifi waan isaan danqe biroon yoo jiraate gargaaruufi jajjabeessuu
- Erga dubbisanii  gaaffileen gilgaala kana jalatti wal makuun dhiyaatan akka deebisan taasisuu.
- Dhumarratti, deebii isaanii soroorsuun sirreessuun itti himuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. karooraan
2. Dubbisa irratti hundaa'uun gabatee kana  guuti.

| Guyyoota torbee | Waan Lammiin hojjetu |
|---|---|
| Wixata | Afaan Oromoo qayyabata. |
| Kibxata | Saayinsii Naannoo dubbisa. |
| Roobii | Herrega qo'ata. |
| Kamisa | Afaan Ingilizii qayyabata. |
| Jimaata | Barnoota Aadaa qo'ata. |
| Sanbataa | Qophii ijoollee hordofa kkf |
| Dilbata | Fiigicha shaakala |

3. Barattoonni haala qayyabannaa isaanii kan Lammii bira qabanii yoo barreessan deebii ta'uu danda'a.

**Gilgaala 2 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota wal keessa makaman sirreessuun hima ijaaru.

**Ga'ee barsiisaa**

- Jalqabarratti, qajeelfama kitaaba barataarratti kenname sirritti akka dubbisan taasisuu.
- Fakkeenya kitaaba barataa irratti kenname gabatee gurraacha irratti barreessuun akkaataa gilgaalichi itti hojjetamu hubannoo kennu.
- Jechoota walkeessaa makamanii dhuunfan tartiibessanii hima akka ijaaran jajjabeessuu.
- Itti aansuun hima barreessan akka walitti agarsiisan taasisuu.
- Soroorsuun duubdeebiifi sireeffama barattootaaf kennuu.
- Kaayyoon boqonnaakee galma ga'uu mirkaneeffadhu.

**Deebii Gilgaala 2**

1. Lammiin mana barumsaa deeme.
2. Inni barumsa baay'ee jaallata.
3. Lammiin tokkoffaa ba'ee badhaafame.

**Gilgaala 3 (Wayitii 1)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni waan guyyoota torbanii keessatti hojjetan karooroorsuun nibarreessu

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti barattoonni ajaja akka dubbisan taasisuu.
- Gabatee kanname keessatti karoora isaanii guyyaa guyyaa akka barreessan kallattii qabsiisuu.
- Kan dhuunfaan barreessan sanas akka walitti argisiisan taasisuu.
- Dhumarratti, sirnaan barreessuu isaanii mirkaneessuu.

**Deebii Gilgaala 3**

1. Barattoonni karoora Lammii akka Saamuda(model) hordofanii kan ofii gabatee keessatti yoo guutan deebii sirrii nita'a. Deebiin barattootaa kan tokkoo kan isa kaanii fakkaachuu dhiisuu danda'a. kanaaf gilgaala kanaaf deebiin sirriin tokko hinjiru, waan barreessan caalaa sirnaan barreessuu, keessaayyuu qubee sirriin jechoota barreessuudha.

**Gilgaala 4 ( Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo kenname bu'uureffachuun keeyyata nibarreessuu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattootni odeeffannoo kenname irratti hundaa'anii akka keeyyata barreessan qajeelchuu.

- Itti aansuun odeeffannoo gabatee keessatti kenname akka adda baafatan gargaaruu.
- Keeyyata eegalamee bakka duwwaa ofkeessaa qabu akka guutan jajjabeessuu.
- Kutaa keessa deemuun barattoota kalattiin hojichaa hinagalleefitti akkaataa itti hojjetamu itti agarsiisuu.
- Erga barattootni keeyyataticha guutanii barreessaniis lama lamaan waliif akka dubbisan taasisuu.
- Sana booda, keeyyata isaan barreessan irratti yaada kennuun jajjabeessuu.

**Deebii Gilgaala 4**

Waaqoo Hundee barataadha. Mana barumsaa Birbirsa Goorootti kutaa lama barata. Barnoota isaa karooraan waan qayyabatuuf tokkoffaa ba'ee badhaafame.

**Gilgaala 5 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kana:**

Barattoonni keeyyata kenname irratti hundaa'anii waa'e ofii barreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattootni keeyyata kennamerratti hundaa'anii akka keeyyata waa'ee isaanii ibsu barreessan taasisuu.
- Keeyyata akka saamudaatti dhiyaate, waa'ee Feeneet Aagaa, akka dubbisan qajeelchuu.
- Itti aansuun fakkeessanii keeyyata waa'ee isaanii ibsu akka barreessan deggaruu,
- Wanti barattoonni barreessan maqaa isaanii, umrii isaanii, mana barumsaa itti baratan, karaoora qayyabannaa, sadarkaa meeqeffa akka ba'an akka hammatu tasisuu,
- Kutaa keessa deemuun barattoota kalattiin hojichaa hinagalleefitti akkaataa itti hojjetamu itti agarsiisuun deggaruu,
- Erga barattootni keeyyata barreessanii xumuranii booda hiriyoota isaanii waliin akka walitti agarsiisan taasisuu.
- Xumurarratt, keeyyata barattoonni barreessan irratti yaada kennuun jajjabeessuu.

**Deebii keeyyata 5**

- Barattoonni waa'ee ofii waan barreessaniif deebii walfakkaataa hinqabu. Ta'us, yoo barreessan maqaa isaanii, umrii isaanii, mana barumsaa itti baratan, karaoora qayyabannaa, sadarkaa meeqeffa akka ba'aniifi kkf hammachiisuu isaanii mirkaneeffadhu.

**BOQONNAA 15 KURUPHEE KURUPH (Wayitii 8)**

**Kaayyoolee**

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.
Jechoota waliin deeman nibareessu.
Fakkii ilaalanii ibsa nibarreessu.

**Gilgaala 1** (Wayitii 4)

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo murta'aafi ergaa waliigalaa dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dubbisa waa'e 'Kuruphee kuruph' barattoota dhuunfaan dubbisiisuu.
- Barattoonni kun sagalee gad qabatanii akka dubbisan shaakalsiisuu.
- Barattoonni odeeffannoo dubbisa keessaa baasuu shaakalsiisuuf gaaffilee dubbisa keessa ba'an akka deebisuu shaakalsiisuu.
- Barattootni hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu.
- Waan dhuunfaan hojjetan gareen nama sadii qabuun akka mari'ataniifi wal sirreessan taasisuu
- Dhumarra kaayyoon gilgaalichaa galma ga'uu mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. Yaanneetiifi Leenjisoo

2. Garbuu ammacci
3. a
4. Barattoonni waan isaanitti tole kamuu barreessuu danda'u. Sunimmoo, yaada dhuunfaa waan ta'eef deebii dhaabbataa hinqabu.
5. Wayitii tokko fudhachuun tapha 'Kuruphee kuruph" jedhu akka taphatan qajeelfama kenniif. Barattoonni hinbeekne akka baraniif sagaleessuun haa taphatan.

**Gilgaala 2**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota waliin deeman firoomsuun nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni ajajaafi gaaffilee kennaman akka dubbisan qajeelchuu.
- Itti aansuun barattootni gaaffilee sana dabtara isaaniirratti galagalfachuun jechoota roga 'A' fi roga 'B' jalatti kennaman akkaataa waliin deemaniin akka walitti firoomsan taasisuu.
- Itti aansuun erga walitti firoomsanii jechoota waliin deeman dabtara isaanii irratti akka barreessan taasisuu
- Kutaa keessa deemuun kan hojichi hinagalleef qajeelfama ifaa itti agarsiisuu.
- Erga barattootni barreessanii xumuranii, hiriyoota isaanii waliin waljijjiiranii akka yaada waliif kennan taasisuu
- Sana booda sirriitti hojjechuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 2 (Wayitii Lama)**

| A | B |
|---|---|
| warri xaafii | kuruph |
| Yaanneet bishaan | qare |
| Leenjisoon haaduu | cagadu |
| Yaa kuruphee koo | waraabdi |

Barattootni erga walitti firoomsanii akka itti aanu kanatti walitti fidanii barreessuu qabu.

Warri xaafii cagadu

Yaanneet bishaan waraabdi.

Leenjisoon haaduu qare.

Yaa kuruphee koo kuruph!

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

> **Kaayyoo Gilgaala kanaa:**
>
> Barattoonni fakkii ilaalanii ibsa isaa nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barsiisaa, shaakalli kutaa kana jalatti dhihaate, barattootni fakkii ilaalanii ibsa isaa barreessu. Kunis dandeettii barreessuufi qubeessuu isaanii cimsuuf yaadameeti.
- Kanaaf jalqabarratti barattoonni ajaja akka dubbisan taasisuu.

- Barattoonni fakkii kanname ilaalanii waan hubatan akka barreessan shaakalsiisuu.
- Gilgaalli kun bareeffamaan malee afaaniin deebi'ee darbamuu hinqabu. Kanaaf barattoonni fakkii ilaalanii gocha raawwatama jiru akka barreessan jajjabeessuu.
- Fakkii isaan akka ibsan kennamanis kitaaba barataarraa itti agarsiisuun qajeelchuu.
- Barattoonni fakkii ilaalanii ibsa akka barreessan daree keessa deddeemuun jajjabeessuu.
- Kan dhuunfaan barreessan akka walitti argisiisan taasisuu.
- Dhumarratti, ibsa barattoonni barreessan soroorsuu.

**Deebii Gilgaala 3**

Waan barattoonni fakkii sana ilaaluun barreessan walfakkaachuu dhiisuu danda'a. Waan isaanitti fakkaate kamuu sirriitti qubeessinaan deebiidha.

2. Namoota midhan dha'an.
3. Namoota midhaan qulleessan.
4. Namicha harree sadiitti ba'aa fe'ee oofu.

**Hubachiisaa:** Barattoonni waan fakkii kanarraa argan waan fedheyyuu barreessuu danda'u. Dandeettii barressuufi sirnaan qubeessuu malee fakkii sirriitti ibsuufi dhiisuun xiyyeeffannoo gilgaala kanaa miti.

## BOQONNAA 16 LUKKUUFI CULULLEE (Wayitii 8)

**Kaayyoo**

**Boqonnaa kana keessatti barattoonni:**

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.

Walqabsiistuu keessa galchuun yaada keeyyataa walitti nihidhu.

Fakkii ilaalanii ibsa isaa nibarreessu.

### Gilgaala 1 (Wayitii 4)

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni Odeeffannoo murta'aafi ergaa waliigalaa dubbisaa nibaasu.

### Ga'ee Barsiisaa

- Dubbisa waa'e 'Lukkuufi Culullee' barattootni dhuunfaan dubbisiisuu.
- Barattoonni sagalee gad qabatanii akka dubbisan shaakalsiisuu.
- Erga dubbisicha tokko dubbisanii gaaffilee gilgaala kanaa dubbisanii akka dubbisicha irra deebi'anii dubbisan taasisuu.
- Erga dubbisanii gaaffileen gilgaala kana jalatti wal makuun dhiyaatan akka dhuunfaan deebisan shaakalsiisuu.
- Keessa deddeemuun hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu. Waan dhuunfaan hojjetan akka gareen mari'ataniifi walsirreessan taasisuu

- Dhumarra duubdeebii kennuun kaayyoo gilgaalakee galmaan ga'uu mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. b
2. Lilmoo harkaa bade barbaaduuf
3. b
4. Barattoonni waan dubbisicha irraa baratan kamuu ibsuu danda'u. Deebiin isaaniis addaa adda ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, waan ergifatan eeggannoon qabachuun barbaachisaa ta'uu, waan uumaan namaaf kennite dhiisanii kan hormaa ilaaluun akka hinbarbaachifne (akka lukkuun cululleetti inaafte) sana, yoo jedhan gaariidha.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni walqabsiistuutti fayyadamuun keeyyata niqindeessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dursa barattoonni qajeelfama akka dubbisan taasisuu.
- Itti aansuun, walqabsiiftota gabatee keessa jiran dubbisiisuu.
- Jechoota kennaman sanas keeyyata ittaanu keessatti akka guutan qajeelchuu.
- Barattoonni keeyyaticha dabtara isaanii irratti galagalchuun gareedhaan akka hojjetan qindeessuu.
- Barattoota gidduu deemuun hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu.

- Dhumarratti, barattoonni garee gareen akka deebisan taasisuun hamilee barattootaa jajjabeessuudha.

| | | |
|---|---|---|
| eegdee | akka | Lukkuunis |
| Lilmoon sunis | | guyyaa lammataa |

**Deebii Gilgaala 2**

Lukkuun culullee irraa lilmoo ergifattee gatte. Cululleenis eegdee dadhabnaan lilmoo ishee fudhachuu mana lukkuu deemte. Lilmoo sanas kireeffattee akka jiraattuufi hagabuu bulaa jiraachuu itti himte. Lukkuunis waan gootu wallaaltee, cuucii ishee tokko kenniteef. Akkasiin yeroo jalqabaaf cululleen foon cuucii nyaachuu eegalte. Miyeeffattees guyyaa lammataa dabalachuu deemte. Lukkuun cuucii ishee keessaa tokko dabalteef. Lilmoon sunis badee hafnaan, lukkuufi cululleen diina ta'anii hafan jedhama.

Gilgaala 3 (Wayitii 2)

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni fakkii ilaalanii ibsa isaa nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barsiisaa, shaakalli kutaa kana jalatti dhihaate, barattootni fakkii ilaalanii ibsa akka barreessan yaadameeti; sanaanis dandeettii barreessuu guddifatu.

Kanaaf gilgaala kana barattootni afaaniin osoo hintaane barreeffamaan deebisuu qabu.

- Kanaaf, jalqabarratti barattoonni ajaja akka dubbisan taasisuu.
- Fakkii kitaaba barataa iratti dhiyaate ilaalanii ibsa isaa akka barreessan shakalsiisuu.
- Barattoonni fakkii kanname akka hubataniif gargaaruu. Kan barsiisaa jirru dandeettii fakkii ilaalanii hubachuu osoo hintaane kan hubatan waraqaa irratti barreessuu danda'uu isaaniiti.
- Erga dhuunfaan barreessanii akka wal mari'ataniifi wal sirreessan taasisuu.
- Dhumarratti, waan isaan barreessan soroorsuufiin jajjabeessuu.

**Deebii Gilgaala 3**

1. Lukkuu koochoo hodhachaa jirtu.
2. Lukkuu lafa haadhaa jirti.
3. Lukkuu cuucilee hammattee jirtu
4. Culullee cuucii lukkuu fudhachuuf deemtu.

Waan argan, hubatan kamuu barreessuu nidanda'u. Garuu ammoo fakkii kana ilaaluun waan barattoonni barreessan qubee sirriin barraa'uu isaa mirkaneeffachuudha.

**BOQONNAA 17 SIINQEE (Wayitii 8)**

**Kaayyoo: boqonnaa kana keessatti barattoonni:**

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.

Himoota wal makanii jiran tartiibessuun keeyyata barreessuu

Fakkii ilaalanii ibsa isaa nibarreessu.

**Gilgaala 1 (Wayitii 4)**

**Kaayyoo gilgaala kanaa:**

Barattoonni **o**deeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Dubbisa waa'e 'Siinqee' barattootni dhuunfaan akka dubbisan qajeelfama kennuu.
- Barattoonni kun calleensaan akka dubbisan shaakalsiisuu
- Erga dubbisanii gaaffileen gilgaala kana jalatti wal makuun dhiyaatan akka dhuunfaan akka deebisan shaakalsiisuu.
- Keessa deddeemuun hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu
- Waan dhuunfaan hojjetan akka gareen mari'ataniifi walsirreessan taasisuu
- Dhumarra duubdeebii kennuun kaayyoo gilgaalakee galmaan ga'uu mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. a.
2. Haadhatu intala heerumtuuf kenna.

3. Horooroo

4. c

5. Barattoonni waan dubbisicharraa baranne jedhan kamuu ibsu danda'u. Deebiin isaaniis addaa adda ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, siinqeen dubartiif kabaja ta'uun bare, dubrtiin siinqee qabatte nageenyi ishee eegamaa ta'uufi kan biroos jechuu danda'u.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

> **Kaayyoo Gilgaala kana keessatti barattoonni:**
>
> Barattoonni himoota waljala fuudhaman sirreessuun keeyyata jalqbame nixumuru.

**Ga'ee barsiisaa**

- Jalqabarratti, barattoonni ajajaafi gaaffilee akka dubbisan qajeelchuu.
- Gilgaala keessatti barattootni himoota walkeessa makaman akka tartiibessan kallattii agarsiisuu.
- Dursa dabtara isaanii irratti erga galagalfatanii booda, akka tartiibessan qajeelchuu.
- Kutaa keessa deemuun barattootatti kallatti hojichaa agarsiisuu.
- Erga himoota tartiibessanii hiriyoota isaanii waliin akka yaada waliif kennan taasisisuu.
- Hojii barattootaaf gatii kennuun hamilee isaanii jajjabeessuudha.
- Dhumarra himoota walmakan qindeessuun keeyyata barreessuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaalaa 2**

1. Dubartiin siinqee qabatte kabaja olaanaa qabdi.

2. Yeroo karaa deemtus namoonni dhaabbatanii dabarsu.

3. Abbaan fardaallee fardarraa bu'ee dabarsa.

4. Kanaafuu, siinqeen meeshaa kabajaa dubartiiti.

Erga tartiibessanis bifa keeyyataan akka barreessan taasisuu

Dubartiin siinqee qabatte kabaja olaanaa qabdi. Yeroo karaa deemtu namoonni dhaabbatanii dabarsu. Abbaan fardaallee fardarraa bu'ee dabarsa. Kanaafuu, siinqeen meeshaa kabajaa dubartiiti.

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo: Gilgaala kana keessatti barattoonni** fakkii ilaalanii ibsa isaa nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barsiisaa, shaakalli kutaa kana jalatti dhihaate, barattootni fakkii ilaalanii ibsa akka barreessan yaadameeti; sanaanis dandeettii barreessuu guddifatu.
- Kanaaf, jalqabarratti barattoonni ajaja akka dubbisan taasisuu.
- Fakkii isaan akka ibsan kennamanis kitaaba barataarraa itti agarsiisuun qajeelchuu.
- Barattoonni fakkii kanname ilaalanii ibsa isaa akka barreessan gargaaruu.
- Kan dhuunfaan barreessan akka walitti argisiisan taasisuu.
- Dhumarratti, waan isaan barreessan soroorsuufiin jajjabeessuu..

**Deebii Gilgaala 3**

1. Dubartii siinqee qabattee deemtu, namoonni yoo dhaabatanii dabarsan.
2. Dubartootni sadii siinqee qabatanii dhaabbatu.

Fakkii ilaaluun waan barreessan akka barattoota dareef dubbisan taasisuu. Boodarra dabtara isaanii soroorsuun haalli qubeessuu isaanii sirrii ta'uus mirkaneeffachuu.

**Boqonnaa 18  Hibboo (Wayitii 8)**

**Kaayyoolee:** Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.

Jechoota kennaman bakka duwwaatti guutuudhaan himoota ijaaru.

Jechoota kennaman duraa duubaan kaa'uudhaan himoota ijaaru.

**Gilgaala 1 (Wayitii 3)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo murta'aafi ergaa waliigalaa dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni dhuunfaan tapha ijoollee(Hibbo) kana dubbbisanii odeeffannoo murtaa'aafi ergaa waliigalaa dubbisa keessaa baasuu shaakalsiisuu.
- Erga dubbisanii gaaffileen gilgaala kana jalatti dhiyaatan akka deebisan taasisuu.
- Barattootni hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu.
- Dhumarratti barattoonni waan dhuunfaan hojjetan akka gareen irratti mari'ataniifi wal sirreessan jajjabeessuu
- Hojiin barattoonni hojjetan kennan dubbisichaan walqabachuu mirkaneessuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. b
2. Finfinnee
3. a
4. Handhuura Oromiyaa fudhachuu waan barbaaddeef

4. Barattoonni tapha kana keessaa waan jaal'atan ibsinaan deebiidha. Fakkeenyaaf, Badhaatuun Finfinnee fudhachuu…fi kan biroo yoo barreessan deebii nita'a.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

> **Kaayyoo Gilgaala kanaa:**
>
> Barattoonni jechoota kennamaniin bakka duwwaatti guutuudhaan himoota ni'ijaaru.

**Gochaa Barsiisaa**

- Jalqabarratti, barattoonni ajajaafi gaaffilee akka dubbisan qajeelchuu.
- Barattootni jechoota gabatee keessati kennaman akkaataa waliin deemaniin bakka duwwaa akka guutan itti agarsiisuu.
- Fakkeenya kenname itti agarsiisuun barattootni kaan bakka kennamerratti akka barreessan taasisuu.
- Kutaa keessa deemuun hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu.
- Erga barattootni barreessanii xumuranii booda hiriyoota isaanii waliin waljijjiiranii akka yaada waliif kennan taasisuu
- Dhumarra, sirriitti hojjechuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 2**

1. Finfinnee
2. midhaan
3. foolata
4. Godoon
5. gugguufaa

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni jechoota kennaman duraa duubaan kaa'uudhaan himoota ijaaru.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti, qajeelfama kitaaba barataarratti kenname sirritti akka dubbisanii hubatan taasisuu.
- Fakkeenya kitaaba barataa irratti kenname gabatee gurraacha irratti barreessuun akka hubatan gochuu.
- Jechoota walkeessaa makaman akka dhuunfaan tartiibessanii hima ijaaran taasisuu.
- Itti aansuun hima barreessan akka walitti agarsiisan taasisuu.
- Dhumarratti, soroorsuun yaada jajjabinaa barattootaaf kennuu.

**Deebii Gilgaala 3**

1. Bonaa ganna kaadhu.
2. Bofaafi raacha nyaadhu
3. Gama kee cittoo roobe.
4. Gama koo shittoo robe.

**Boqonnaa 19 Ji'oota Waggaa (Wayitii 11)**

**Kaayyoolee:**

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.

Maqaa ji'oota waggaa sirriitti qubeessuu nidanda'u.

Odeeffannoo kenname bu'ureffachuun keeyyata ijaaruu.

**Gilgaala 1 (Wayitii 3)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni odeeffannoo dubbisa keessaa baasuuf akka dubbisan taasisuu.
- Erga dubbisanii gaaffileen gilgaala kana jalatti dhiyaatan akka deebisan qajeelchuu.
- Barattootni hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu.
- Dhumarra deebiin kennan dubbisichaan walqabachuu mirkaneessuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. Odeeffannoo dubbisaatiin gabatee kana guutuu isaanii mirkaneessi.

| **Ji'oota** | **Hojiiwwan hojjetaman** |
|---|---|
| Fulbaanaa | Ji'oota barumsi semisteera 1ffaa itti geggeeffamu. |
| Amajji | Qormaata xumura samisteeraatu kennama. |
| Guraandhala | Barnoota samisteera lammaffaatu eegalama. |
| Waxabajji | Qormaata simisteera 2ffaatu kennama. |
| Adoolessaafi Hagayya | Yeroo boqonnaa barattootaati. |

2. b
3. Fulbaanni, Onkoloolessi, Sadaasaa MuddeefiAmajji
4. Barattoonni dubbisa kanarraa waan baratan kamuu ibsuu danda'u. Garuu ji'oota waggaa keessatti raawwii barnootaan walqabsiisanii waan baratan yoo ibsan gaariidha.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni maqaa ji'oota waggaa qubee sirriin niqubeessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti, qajeelfama kitaaba barataarratti kenname sirritti akka taasisuu.
- Lakkoofsa danaa irratti kenname irratti ji'oota waggaa tartiibaan akka barreessan qajeelchuu.
- Yeroo barattoonni barreessan gidduu deemuun hordofuu.
- Dhumarratti, soroorsuun sirriitti qubeessuu isaanii mirkaneeffadhu.
- Bakka dogoggorri qubee uumame yoo jiraate gabatee gurraacharratti ba'anii akka barreessan taasisuun shaakalchiisuu.

**Deebii Gilgaala 2**

1. Fulbaana
2. Onkoloolessa
3. Sadaasa
4. Mudde
5. Amajji
6. Gurraandhala
7. Bitootessa
8. Ebla
9. Caamsaa
10. Waxabajjii
11. Adoolessa
12. Hagayya

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo kennameen keeyyata nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Jalqabarratti barattoonni ajajaa akka dubbisan qajeelchuu.
- Barattootni odeeffannoo kenname irratti hundaa'anii akka keeyyata barreessan qajeelchuu.
- Itti aansuun odeeffannoo gabatee keessaatti kenname akka adda baafatan taasisuu.
- Keeyyata  eegalame akka xumuran deggaruu.
- Kutaa keessa deemuun barattootatti akkaataa itti hojjetamu agarsiisuu.
- Erga barattootni keeyyataticha guutanii barreessaniis hiriyoota isaanii waliin akka walitti agarsiisan taasisuu.
- Sana booda, keeyyata isaan barreessan irratti yaada kennuun haamilee jajjabeessuu.

**Deebii Gilgaala 3**

Ibsituun Mana barumsaa Daandii Guddinaatti barattuu kutaa lamaati. Ibsituun Fulbaanatti barnoota eegalti. Amajji keessammoo boqonnaa samisteeraa baati. Guraandhala keessa barnoota samisteera lammaffaa itti fufti. Ji'a Waxabajjiitti mana barumsaa cuftee galti.

**Gilgaala 3 keeyyata barreessuu**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni keeyyata kennamee saamuda godhachuun kan ofii nibarreessuu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barsiisaa, shaakalli kutaa kana jalatti dhihaate, barattootni odeeffannoo kenname irratti hundaa'anii akka keeyyata barreessan yaadameeti.
- Jalqabarratti barattoonni ajajaafi gaaffilee akka dubbisan qajeelchuu.
- Itti aansuun keeyyata saamudaaf kenname irra deddeebi'anii akka dubbisan taasisuu.
- Kutaa keessa deemuun barattoota kalattiin hojichaa hinagalleefitti akkaataa itti hojjetamu itti agarsiisuu.
- Barattootni keeyyatnaticha barreessanii erga xumuranii hiriyaa isaaniif akka dubbisan taasisuu.
- Sana booda, keeyyata isaan barreessan irratti yaada kennuun haamilee barattootaa jajjabeessuudha.

**Deebii keeyyata 4**

Keeyyata waa'ee Sooressaa bu'ureffachuun waa'ee ofii isaanii barreessinaan deebiidha. Sana keessatti yaa'insa yaadaafi jechoota sirriitti barreessuu isaanii mirkaneeffadhu. Wanti barreessan maqaa isaanii, mana barumsaa isaaniifi waan ofii isaanii kamuu barreessuu danda'u. Erga barreessanis, Ka'anii dareef akka dubbisan gochuunis haamilee barattootaa jajjabeessuun gaariidha.

**BO**

**Kaayyoo**

Barnoota boqonnaa kanaa keessatti barattoonni:

Odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.

Dubbisa keessaa jechoota baasuun bakka hir'ate niguutu.

Jechoota dubbisa keessaa waliin deeeman nibarreessu.

Fakkii ilaalanii ibsa nibarreessu.

**Gilgaala 1 (Wayitii 4)**

**Kaayyoon Gilgaala kanaa:**

Barattoonni odeeffannoo murta'aa dubbisaa nibaasu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni odeeffannoo dubbisa keessaa argachuuf akka dubbisan taasisuu.
- Erga dubbisanii gaaffileen gilgaala kana jalatti dhiyaatan akka deebisan taasisuu.
- Barattootni hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu.
- Dhumarra deebiin kennan dubbisichaan walqabachuu mirkaneessuu.

**Deebii Gilgaala 1**

1. a
2. Booranaa
3. a

4. Lakkoofsonni wantoota isaan ibsan  waliin hariiroo guddaa qabu. Fakkeenyaaf lama mucha re'eeti jechuun re'een mucha lama qabaachuu agarsiisa. Sadan sunsummanii jechuun sunsumni ykn gomjiin nyaata irratti bilcheeffannu sadii waan ta'eef.  Afran mudha sa'aa kan jedhame ammoo saani uumamaan mucha afur qaba. Harki namaa quba shan qaba, kanaaf shanan quba harkaa jedhama. Hundi isaaniyyuu sababa wantoota sana waliin hidhatan qabaniifidha.
5. Deebiin gaaffii kanaa walfakkaataa miti. Barattoonni tapha kana keessatti waan isaanitti tole kamuu deebisuu danda'u.

**Gilgaala 2 (Wayitii 2)**

Kaayyoon Gilgaala kanaa

Barattoonni jechoota waliin deeman adda baasuun nibarreessu

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattoonni dubbisa irrtti hundaa'uun lakkoofsaafi wantoota isaan bakka bu'u walitti firoomsu.
- Erga  gaaffileen gilgaala kana jalatti dhiyaatan akka deebisan taasisuu.
- Barattootni hojii kennameef hojjechaa jiraachuu isaanii hordofuu.
- Dhumarra deebiin kennan dubbisichaan walqabachuu mirkaneessuu.

**Deebii Gilgaala 2**

1. mucha re'ee
2. quba harkaa
3. Sunsuma
4. Mucha sa'aa

5. boolla saddeeqaa

**Gilgaala 3 (Wayitii 2)**

**Kaayyo Gilgaala kana keessatti:**

Barattoonni jechoota waliin deeeman nibarreessu.

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barattootni jechoota dubbisa keessaa a waliin deeman barreessu.
- Jalqabarratti, barattoonni ajajaafi gaaffilee akka dubbisan qajeelchuu.
- Itti aansuun jechoota dubbisa keessaa waliin deeman bakka duwwaatti akka guutan qajeelchuu.
- Dhuunfaadhaan erga dalaganii booda, lama lamaan waan barreessan walitti fidanii akka irratti mariyatan taasisuu.
- Dhumarra, sirriitti barreessuu isaanii mirkaneeffachuu.

**Deebii Gilgaala 3**

Tokkeen tokkittuma

Lamaan mucha re'ee

Sadan sunsummanii

Arfan mucha sa'aa

Shanan quba harkaa

Ja'an jabbii qaraxaa

Torban torbee sambataa

Saddeettan dhala leencaa

Salgan <u>yaa'ii Booranaa</u>

Kurnan <u>boolla saddeeqaa</u>

**Gilgaala 4 (Wayitii 2)**

**Kaayyoo Gilgaala kanaa:**

Barattoonni fakkii ilaalanii ibsa barreessu.

[

**Ga'ee Barsiisaa**

- Barsiisaa, shaakalli kutaa kana jalatti dhihaate, barattootni fakkii ilaalanii ibsa akka barreessan yaadameeti; sanaanis dandeettii barreessuu guddifatu.
- Kanaaf, jalqabarratti barattoonni ajaja akka dubbisan taasisuu.
- Fakkii isaan akka ibsan kennamanis kitaaba barataarraa itti agarsiisuun qajeelchuu.
- Barattoonni fakkii kanname ilaalanii ibsa isaa akka barreessan gargaaruu.
- Kan dhuunfaan barreessan akka walitti argisiisan taasisuu.
- Dhumarratti, waan isaan barreessan soroorsuun yaada jajjabeessuu kennuu.

**Deebii Gilgaala 4**

1. Re'ee mucha lama qabdi
2. Saani mucha afur qaba
3. Sunsumni sadii ta'uu.
4. Quba shanan barruu harkaa isaa waliin.
5. Jaarsonni sagal Odaa jala yaa'ii geggeessaa jiru.

- Gilgaalli kun deebii walfakkaataa qabaachuu hindanda'u. Barattoonni akkuma hubatanitti fakkii sana ibsu waan ta'eef hojii isaanii dinqisiifadhu. Bakka rakkoo qabanitti akka sirreessan itti agarsiisi.